



# “Kaayyoon keenya biyya sabdaneettii walqixxummaan keessatti dagaage ijaaruudha”

- Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmad

## Waaqshuum Fiqaduutiin

**Finfinnee:** Kaayyoon Paartii Badhaadhinna Itoophiyaa sabdaneettii walqixxummaafi obbolummaan keessatti dagaage ijaaru ta’uu Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad ibsan.

Doktar Abiyyi yaa’ii idilee 4ffaa Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataa Kibxata darbe adeemsifamerratti gaaffii miseensotarraa dhiyaateefif wayita ibsa kennan akka jedhanitti, paartiinsaani akka namootni jedhan sirna mootii gonfoo, Shanee yookiin Dargiitti kan fakkeeffamu osoo hintaane paartii fedha finxaaleyyii kamuu tajaajiluurraa bilisa ta’efi biyya obbolummaafi walqixxummaan keessatti dagaage ijaaruuf ifaajaa jiruudha.

Itoophiyaa keessatti seenessi guddaan/waloon dagatamee seenessi qeenxee arbaa’uun madda rakkoo hundaa ta’uu yaadachiisanii; biyya Hindii keessatti afaanoniifi aadaaleen 120 walkabajuufi walqixxummaan akka jiraatan Itoophiyaanis biyya sabdaneettii waan taateef obbolummaafi walqixxummaan waliin jiraachuun filannoo osoo hintaane dirqama ta’uu hubachiisaniiru. Seenessi

Gara fuula 4tti



ethio telecom | thrc telebirr

**HAARAA**

**Kuufama Miidiyaa Hawaasaa**

Daataa dabalataa! Gammachuu dabalataa!

Telegrammi • WhatsApp • Facebook • YouTube • Tiktokki

**Kaffaltii Qofaaf Miti ...**

Baankii Awaash AwashBank

Awash E-School Management System

**Qonnaan Bultootni Harargee Bahaa sababa faddaaltotaatiin gurgurtaa jimaarraa fayyadamaa hinjiran**

**fuula 15**



## Yunivarsiitiiwwan barattoota simachuuf qophii xumuruu beeksisan

### Waaqshuum Fiqaduutiin

**Finfinnee:** Yunivarsiitiiwwan bara barnootaa 2016tti barattoota haaraa simachuuf qophii xumuruu beeksisan.

Yunivarsiitiiwwan biyyattii keessaa

Gara fuula 14tti

# “Dhimmi ulaa galaanaa dhimma murteessaa kutannoon itti adeemamuu qabuudha”

- Ambaasaaddar Diinaa Muftii

## Waaqshuum Fiqaduutiin

**Finfinnee:** Dhimmi ulaa galaanaa Itoophiyaa dhimma qanani yookaan ololaa osoo hintaane dhimma jiraachuuf murteessaa ta’e ta’uu Ambaasaaddar Diinaa Muftii ibsan.

Ambaasaaddar Diinaan yaada Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, ulaan galaanaa kallattii biyyi tokko biyyoota addunyaatti gad baatu waan ta’eef gaaffiin ulaa galaanaa gaaffii qananiif yookiin ololaaf kan ka’u osoo hintaane dhimma daran murteessaadha. Osoo rakkoon tasaa ulaa galaanaa Jibuutii kan amma Itoophiyaan fayyadamaa jirtu mudatee gaaga’amni rogawwan maraa Itoophiyaa mudatu biyya ollaafuu kan ga’u ta’a.

Itoophiyaan jireenya addunyaarraa waa maraan walirratti hirkataa ta’e keessa jiraatti jedhani; ulaa galaanaatiin ala hanga fedhe omishaafi omishtummaan biyyattii dabalus gabaa addunyaatti gad ba’uu baannaan waa’ee hinbaasu jedhaniiru. Garuu ammoo



ulaa galaanaa qabaachuun Itoophiyaa omisha barbaachisoo gatii madaalawaan dhiyeessuuf waan dandeessisuuf biyyoota ollaafis ta’e addunyaafuu bu’ansaa olaanaa ta’uu hubachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, meeshaalee bu’aa

teknolojii ta’an salphaatti biyya galchuun ce’umsa teknolojii gabbisuu keessatti, walitti dhufeenyaa hawaasa idiladdunya cimsuufi nageenya biyyootaaf ulaan galaanaa shoora olaanaa taphata.

Gara fuula 15tti



# ODUU



## “Waldhabdeen jiru badiidhaan osoo hintaane mariin goolabamuu qaba”

- Obbo Ibsaa Nagawoo

### Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Sababa garaagarummaa ilaalcha siyaasaatiin waldhabbiin mudatu biyya gara mariitti malee gara badiitti geessuu akka hinqabne Gorsaan Tarsiimoo ABO, Obbo Ibsaa Nagawoo ibsan.

Gorsichi ibsa Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, hunduu leenca of fakkeessuun marii moggaatti dhiisee afaan qawwee filachuusaatiin biyyi akka wareegama hinmalle kaffaltuuf dirqisiiseera. Afaan qawwee lubbuu oladema baay'ee galaafachuura darbee bineensi bosonaayyuu tasgabbi dhabe akka biyya gad lakkisu waan taasisuuf eenyu birattuu filatamaa miti.

Akka isaan jedhanitti, mariin bakka dhabuun, dargaggoon Oromoo aarsaa lubbuu hinmalle kaffalaniiru. Obboleessi dhiiga obboleessasaa dhangalaasuun seerri sirna Gadaa cabera. Manguddoofti dubartootni walumaagalatti kutaaleen hawaasaa hundi dararra akka sabaattuu nama qaaneffachiisu irratti raawwateera.

Qawweedhaan isa tokko balleessanii aangoo qabachuu barsiifata boodatti hafa biyyattii gidiraa hamaaf saaxilaa tureedha jedhanii; haa ta'utiin, barsiifanni kun kan jaarraa 21ffaa hinmadaalleefi akkuma addunyaattuu waraana ololaa booda afaan qaawweetiin murni aangoo mootummaa qabachuuf milkaa'ee akka hinjirres yaadachiisaniiru.

Wayyaaneen barsiifatuma kana qabatee waraanatti seenuun dargaggoota naannichaa kumaatamatti lakkaa'aman wareegeera. Biyyi aarsaa hinbarbaachifne hedduu kaffalteetti. Dubbii booda mariidhaan goolabamuu hinoolle osoo mariin dursee bu'aan argamu olaanaa ture. Namuu kanarraa barumsa fudhachuu qabaayyuu jedhaniiru.

Biyya kanatti sirnoota darban keessatti dhiphachuun dirree siyaasaa qabsoo hidhannoofti nama dirqisiisaa turuu yaadachiisani; ammaan tana sirni bulchiinsa Doktor Abiyi mariif bakka olaanaa kennee osoo jiruu sababni qabsoon afaan qawwee filatamuuf hinjiru jedhaniiru. Hundaa ol garuu qabsoo afaan qawwee ummataafi biyyi ni falminaaf jedhanii ka'an sana rakkoo walxaxaatti dhiibaa jiraachuusaaniis qalbeeffachuun barbaachisaa ta'uu himaniiru.

Waldhabbiin mariin furamu injifannoo qaama tokkoo osoo hintaane injifannoo qaamolee hundaati kan jedhan Obbo Ibsaan; osuma milkaa'eyyuu injifannoon afaan qawweetiin argamu oolee bulee rakkoo biroo kan dhalu ta'uu seenaa darberraa barachuun barbaachisaa ta'uu hubachiisaniiru.

Mariin biyyaaleessaa yaadame biyyattii maraammartoo jeequmsaa keessaa baasuuf kutannoo mootummaan qabu mul'isa jedhanii; gama kanaan ummatni biyyattii falmiif osoo hintaane yaada furmaataatiif of qopheessuun barbaachisaa ta'uu dhaamaniiru.

# Ummata Itoophiyaa walmake keessatti seenessa qeenxee faarsuun bu'aa hinfidu

## Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Ummata Itoophiyaa walmake kana keessatti seenessa qeenxee faarsuun biyya diiguurraan kan hafe bu'aa biraa hinfidu jedhan Haayyuun seenaa Yunivarsiitii Haramaayaa.

Yunivarsiitichatti Hayyuu Seenaa kan ta'an Doktor Mahaammad Hasan yaada Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, jaarraa 14rraa eegalee uummatni Itoophiyaa ummata fuudhaafi heerumaan, daldalaan, godaansa ummataafi godaansa nama dhuunfaatiin walitti makamaa tureedha.

Itoophiyaan biyya sabaafi sablammootni garaagaraa cenyummaa adda addaa waliin wajjin jiraachaa turaniidha jedhanii, sabaafi sablammootni biyyattii hundi seenaa mataasaanii qabaachuun waan haalamuu miti. Ummatni biyyattii seenaa waloos hedduu qaba. Seenaa dinagdee yoo fudhanne irrareessii sabaafi sablammoota Itoophiyaa qonnarratti kan hundaa'ee ta'uun seenaa walooti.

Gama seenaa siyaasaatiin ummatootni biyyattii hundi Itoophiyaa guddoo ijaaruufti gatii kaffalaniiru kan jedhan Doktor Mahaammad, waraanawwan Adwaafi Maayicoorratti saboonni hundi duuluun dhiigasaanii dhangalaasani akka biyyattiin birmadummaadhaan jiraattu taasisuu eeraniiru.



Doktor Mahaammad Hasan.

Rakkooleen seenaa faana walqabatan biyyattiin aarsaa hinmalle akka kaffaltu gochaa jiru jechuun seenaa dhugaa jallisuufi seenaa dhugaadhaan kaleessa hinturre uumuun hariiroon ummatoota biyyattii gidduu jiru akka baduuf murnootni hojjetan jiru.

Itoophiyaan akkuma biyyoota biroo seenaawwan aadaa, siyaasaa, hawwaasummaafi dinagdee qabdi, ta'us falaasamni barreeffama seenaa biyyattii hundeesarraa rakkina guddaa waan qabuuf seenaa faana walqabatee waldiddaan uumamaa tureera jedhan.

Biyyattiitti seenaan karaa saayinsaawaa ta'een barreeffamaa hinturre, kan barreeffamaa ture seenaa ummatoota hundaa qixaan kan

hammate miti. Seenaan barreeffamaa ture baay'inaan seenaa moototaafi siyaasaati malee akaakuuwwan seenaa biroo hinbarreeffamne. Afoolaanillee dhalootarraa gara dhalootaatti hindabarre. Biyyattiitti seenaarraa barachuu osoo hintaane seenaa waakkachuufi seenaa madda haaloo godhachuunis ni mul'ata jechuun ibsan.

Seenaan akka gaaddidduuti, gaaddidduun immoo nama biraa hinhaftu. Kanaaf waliin jiraachuufi biyya waloo ijaaruufti seenaa gaariis haa ta'uu kaan akka seenaatti fudhachuutu barbaachisa.

Ummattootni biyyattii kanneen iddoowwan hunda jiraatan osoo seenaa waloo baay'ee qabanuu yeroo seenessi qeenxeen itti lallabamu baay'inaan mul'ata; seenessi qeenxeemmo biyya diiga jedhan.

Namootni seenessa qeenxee lallaban isaaniin ala namootni kaan akka waan biyyaaf bu'aa hoomaa hinbuusnetti, seenaansanii qofti akka seenaa ta'etti lallabu. Seenessi akkanaa sirrii miti. Ummattoota gidduutti walshakkii uumuun akka waliin hin jiraanne taasisa jechuunis ibsan Doktor Mahaammad.

Dhaloota seenaa dhugaa barsiisuun, seenaa badiif osoo hintaane irraa barachuufti ittifayyadamuun, seenessa qeenxeerra seenessa waloo dagaagsuun, seenaa barreessuu namoota seenaa beekaniif dhiisuun biyyattiitti rakkoolee seenaa faana walqabatanii uumaman hambisuun barbaachisaa ta'uusaa ibsaniiru.

# Turiizimii Oromiyaa addunyaarratti waaltawaafi dijitaalawaa taasisuuf hojjetamaa jira

## Saamraawit Girmaatiin

**Finfinnee:** Turiizimii Oromiyaa addunyaarratti, waaltawaa, dijitaalawaafti sadarkaasaa kan eeggate akka ta'uuf hojjechaa jiraachuu Komishiniin Turiizimii Oromiyaa (KTO) beeksise. Komishinichi erga hundaa'ee hojiilee dijitaallessuu hedduus raawwateera.

Komishinichatti Daarektarii Dijitaalayzeeshiniifi Misooma Teknolojii Obbo Mul'ataa Alam gaafdeebii Gaazexaa Bariisaa waliin kaleessa taasisaniin akka jedhanitti, KTON erga hundaa'ee waggoota muraasa ta'us hojiilee damicha ammayyeessuufi jijjiiruu danda'anirratti hojiilee jajjabeessoo hojjetaa tureera. Keessumaa dijitaallessuun walqabatee hojiilee hedduun hojjetamaniiru; marsariitiiwwaniifi appilikeeshinonni adaddaas kalaqamaniiru.

Dijitaallessuu jechuun ragaalee maloota aadaa fayyadamuun kanaan dura waraqaadhaan jiran teknolojiitti fayyadamuun gara waraqa maleeyyiitti jijjiiruu ta'uu eeranii, kunis hojiilee humna namaa baay'ee, yeroo dheeraafi baasii olaanaa baasisaa turan hunda hambisuun hojii hojjetamu si'aawaa, yeroo gabaabaa keessatti kan xumuramu, kan baasii qusatuufi waaltawaa taasisu ta'uu ibsu.

Akkasumas odeeffannoo barbaadame yeroo barbaadametti argachuufi fayyadamtootafti tajaajila si'ataa waan kennuuf keessumaa daldala keessatti maamilli akka dabaluufti, taateewwan addunyaa raaguufi kkf keessatti

shoora olaanaa akka qabus ni kaasu.

Komishinichis faayidaa dijitaalayzeeshiniin qabu hubachuun wayita waggoota sadan kana hundeeffame damicha akka kutaa hojii tokkootti qabatee hojjechuu eegaluu kan himan daarektariichi, erga hundaa'ees beeksisuufi misoomsuurratti xiyyeeffatee hojjetaa jiraachuu dubbatu.

Gama beeksisuutiin haala salphaa ta'een miidiyaa hawaasummaa addaddaarratti maxxansuun hubannoo uumuurraa kaasee hanga dhaabbilleefi namoota dhuunfaa addaddaatiif 'email' erguutti, marsariitiiwwan banuufi appilikeeshiniwwan addaddaa hojjechuu raawwachuu ibsu.

“Hanga yoonaaftis, marsariitiiwwan lama kanneen hojii biraandiigiifi korpooreetii qofaaf fayyadamnu qabna. Sadaffaan, marsariitii baruulee komishinichi maxxansiisu namoonni qaamaan argachuu hindandeenye karaa 'online' akka argatan gochuuf qophaa'eedha. Dhiheenyaftis marsariitii 'visit Oromia' afaan Arabaatiin jalqabuuf qophii xumureera.

“Appilikeeshiniin walqabatees 'play store' irratti 'Album Oromia' jedhu bilbilawwan andirooyidiirratti argachuun kan danda'amu yoo ta'uu, kunis suurawwan bakkeewwan hawwata turiizimii yeroo baay'ee bakka tokkotti argachuun rakkisaa ta'ee bakka tokkotti argachuu kan dandeesisuudha” jedhu.

Inni biraan, turistoanni bakkeewwan hawwata turiizimii deemuu gaafa barbaadan haala

kamiin argachuu akka danda'an kallattiifi odeeffannoo guutuu kan kennu hojjetamuu kan himan Obbo Mul'ataa, kana malees bakka namni kamuu suurawwan hawwata turiizimii Oromiyaan qabdu kaasee maxxansuu danda'u, gallery.visitoromia.org jedhu qophaa'uu ibsu.

Siistamaan walqabatees chaanaalii telegiraamii 'Visit Oromia Chat Bot' jedhamu hojjetamee kan xumurame yoo ta'uu, kunis namni gaaffii barbaade onlaayiniin kan ittigaafatuufi deebii itti argatu ta'uu addeessu.

Kunis namaa namattiifi intalajansii artafishaalaatti hidhata kan qabu yoo ta'uu, gaaffii ofii deebisuu danda'u ofii akka deebisu, kan dadhabe ammo namatti kan ergu ta'uu himu. Kana malees torban dhufuu kaasee koodii 'QR' dhaan yaada namootaa sassabuuf qophiin xumuramuu kan himan daarektariichi, kanaanis namni kamuu tajaajila hoteelota Oromiyaa keessa jiranirratti yaadasaa kallattiidhaan KTOfti ittiin kennuu akka danda'u kaasu. Daataa turistootaa sassabuufis siistamni gargaaru jiraachuu eeru.

Hojiin dijitaallessuu komishinicha qofaan hojjetamee bakka barbaadamu waan hingeenyeef dorgommii kalaqaa waggaa waggaa dhaan qopheessuun dargaggoota dorgomsiisaa jiraachuus himanii, yunivarsiitiiwwan Adaamaafi Jimmaatti wiiruwwan kalaqaa hundeesuun hojii turiizimii cimsuuf hojjetamaa jiraachuu dubbatu.



# Ijoo Dubbii

## Seenessa waloo ijaarsa biyya walootiif

Seenessi bu'aa ida'ama dhugaawwan, afoolawwan, seenaawwan, taateewwan odeeffannoowwan dhala namaatti himamaniiti. Bu'aa humnaa dhalli namaa dhugaa (reality) waa fakkeessuuf ittifayyadamuuti. Seenessi humna dhangala'ina odeeffannoowwan beekumsa (Cognitive)fi miira (Affective) dhala namaa ijaaruudha.

Maddiwwan seenessaa taateewwaniifi muudannoowwan, ragaaleefi afoolawwan, karaa keessa darbameefi bu'aa ba'iiwwan fa'i.

Seenessa xiqqaa ykn qeenxee (micro narrative) kan jedhamu yaadamawwan wantota hundarratti "kan kooti" jedhamu keessaa bahuun naannoo, godina, aanaa, saba, gosa, amantii fa'iin ibsamaniidha.

Seenessi ijoon ykn waloon (grand narrative) ammoo walitti hidhamiinsa wantotaa, eenyummaa waloo, dhimma hunda keenyaa, kan biyyaa, ardiifi idiladdunyaatiin ibsamu yoo ta'u, rakkoo, furmaataafi fedhiin waloo kanuma keessatti eerama.

Waa'ee seenessaa kanarratti Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyi Ahmad ibsaafi yaada Kibxata darbe yaa'ii Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataarratti kennaniin, "Itoophiyaa keessa rakkoolee danuun jiraatanis kan rakkoo hammeessaa jiru seenessa. Seenessi qeenxeefi waldhahaan biyya diigu.

"Hunduu gandaafi amantiisaa faarsuu, eenyummaasaa caalchisee dubbachuu keessaa ba'ee, amantaa warra kaan wajjin nagaadhaan jiraachuu qabaachuu irra jiraata. Itoophiyaa keessa amantiileen, afaaniifi yaadamiwwan adda addaa jiru. Duudhaalee kanneen kabajuu barbaachisa.

"Nuti adda miti. Hindi keessa afaanota 120tu jiru. addummaan kun barootaaf isaan rakkisaa turee amma qaroomanii, guddatanii, dinagdee addunyaarraa sadarkaa 5faarratti argamu ijaaranii hiyyummaa keessaa bahuuf tattaafataa jiru.

"Ejjennoo, adda addummaa kana diinni akka carraatti ittifayyadama. Walnyaachuu hinqabnu. 'Waan adda nu taasisu qabannee biyya walootiif yoo cichine wayya' jedhu waan qabataniif sadarkaa kanarra ga'an.

"Nutis biyya akka biyyi seenessa jette jetteetiin hinijaaramne amanuu, waliinummaafi hammatummaa fudhachuu qabna" jedhan.

Dhugaadha, seenessi ijoon seenessawwan biyyaaleessaa walitti nu qaba. Faallaa kanaa kan ta'e seenessi qeenxeen ammoo addaan nu baasa. Oggaa adda adda baanu humni keenya ni xiqqaata, ni miidhamna. Kanaaf, waan adeemsa akkanaa keessaa nu baasu fiduu qabna.

Oggaa adda adda baanu nibittinoofna, nimiidhamnas. Kanaafuu, waan achi keessaa nu baasu, walitti nuqabu haa fidnu. Fakkeenyaaf Iagni Abbayyaa Itoophiyaa keessatti dolool'ooowwan 12 qaba. Laga tokko qofa miti kan Abbayyaa ta'e. Dolool'ooowwan baay'ee qabateefi ida'ameeti Abbayyaa kan ta'e.

Tokko tokkoon dolool'oo miniraalii walfakkaatu hinqabu. Bifaanis akkasuma. Abbayyaan Xaanaadhaa ka'uufi haroo Viiktooriyaarraa ka'u bifa tokko hinqaban. Maqaansaaniis akkuma bifasaanii adda adda.

Kaartuumitti walitti ida'amani oggaa gara Misir deeman ammoo Abbayyaa ta'u. Humna tokko hinqaban. Ganda tokkoo hinkaane. Bifa tokkos hinqaban, miniraaliisaanii adda adda jechuun garuu bishaan miti jechuu miti. Hunduu bishaanuma; Abbayyaadha jechuunis fakkeenyaan waa'ee waloo haala gaariidhaan ibsan.

Egaa, yoo eessaayyuu kaane, afaan keenya adda adda ta'ellee nuti namoota. Seenessi ijaarru kan dhala namaatiif kabaja qabu, kan sadarkaa jireenya dhala namaa ol kaasu yoo ta'e nu baasa, bu'aaqabeessas ta'a. Yaadamiwwan fiixeetti bahan gara jiddugaleessatti dhufuu qabu.

Seenessi ijaarsa biyyaa keessatti qooda eeyyantaafi hi'entaa qaba. Akka ummataatti walitti qabamuufis bittinneeffamuufis, waljaalachuufis waljibbuufis, walitti bu'iinsa furuufis hammeessuufis, badiifis misoomaafis badhaadhina hundagaleessaafis hiyyummaafis; humna sassaabbachuufis ta'e bittinneessuuf humna qaba.

Kanaaf, qooda seenessaa, waloo ykn ijoofi eeyyantaarratti xiyeeffachuun daran barbaachisaadha. Keessumaa amaloota jahan ida'amu jechuunis mil'annaa guutuu (synoptic), ida'amu (synergy), ijaarsa, (Synthesis) madaallii eeguu, (symmetry), walta'anii jiraachuu (symbiosis), sirna uumuu (system) sirriitti hubachuun seenessa waloo ijaarsa biyya walootiif gamtaadhaan socho'uun murteessaadha.

# Yaada

## Nageenya ammallee nageenya

### Dajane Bulchaatiin

Guddinaafi misooma biyya tokkootiif nageenya waan hunda caalaa gatii qaba. Nageenya bu'uura waan hundaati, nama dhuunfaaf, maatiif, hawaasaaf akkasumas biyyaaf. Gatiin nagaa maalumaanuu hinshallagamu; sadarkaafi safartuus hinqabu.

Abjuu boruu guddina nama dhuunfaarraa eegalee hanga misooma biyyaatti abdiifi mul'anni kamuu nagaa malee gonkumaa milkaa'uu hindanda'u. Milkaa'inni jireenyaa hundi nageenyatti aaneeti. Kanaafi, nageenya biyya tokkoo madda nagaa ummatasheeti kan jedhamuuf.

Nageenya jiraachuu baannaan waanti biraa yaadamu tasumaa hinjiru. Nageenya boorofnaan abdiin dhalli namaa lafa kanarraa jiraachuuf qabu daran laafa. Nageenya keessa waan hedduutu jira. Yoo waa'ee nageenyaa nibarreessina jenne yeroonuu nu hinga'u. Sababnisaa sansakaan jireenya keenyaa nageenyarratti waan hundaa'eef. Nageenya jiraachuu baannaan bultiin namaa yaaddoon kan guutamtuudha.

Nageenya mirkanoofnaan waantoni kuun akka faayidaa dabalataatti ilaalamuu danda'u. Namni fedhiisaa daangaa hinqabne biyya lafaa kanarratti guuttachuuf nageenyisaa mirkanaa'uu qaba. Erga nageenyisaa mirkanaa'uu beekke booda fedhii addaatiif tattaafata, yaada.

Bineensonni bosonaallee osoo waa'ee biraa hin yaadin dursee nageenyisaanii mirkanaa'aa ta'uu mirkaneeffatu. Ittaansanii waa'ee sooratasaanii yaaduu eegalu. Haalli balaaf isaan saaxilu yoo jiraate akkaatuma dandeettiisaaniitti nageenyisaaniif jecha waan danda'an hunda raawwatu. Dhalli namaa ammoo bineensarra hedduu yaaduu waan danda'uuf dhimmi nageenyaa waan akka salphaatti ilaalu ta'uu hinqabu.

Haalonni nageenya dhala namaarraan dhiibbaa ga'an jiraachuu nimalu. Haalonni kunneen akkaataa guddina fedhii keenyaarratti kan hundaa'aniidha. Egaa biyya keenya, Itoophiyaatti yeroo dhiyoo as iddoowwan adda addaatti haalli nageenyaa hunda kan yaadessuudha.

Maddi rakkinichaa bulchiinsa gaarii dhabuufi fedhii addaa garee biroo ta'uun hinshakkamu. Garuummoo kanneen gaaffiiwwan ummataatiif mootummaan deebii akka kennu barbaadaman hundi karaa nagaa qofaan dhiyaachuu qabu.

Sababnisaa hokkora uumuufi gareedhaan gurmaa'anii karaa seera hineegneen lubbuufi qabeenya balleessaa gaaffii kamiinuu deebii argachuun keessumaa yeroo addunyaan qaroomte kanatti milkaa'uu hindanda'u.

Adeemsa seeraan alaatiin kan miidhamu eenyu jennee yoo ilaalle, saaxilamaan ummata qulqulluu ta'uu hubanna. Tarkaanfiin mootummaa miidhuuf fudhatamu kamuu kallattiidhaan kan hubu hawaasa naannawaati. Kanas taatee Oromiyaa lixaafi Itoophiyaa kaabaatti uumamerra hubachuun ni danda'ama.

Kanaaf akka nageenya keenya baay'atuuf hundi keenya waan qaalii kanaaf waardiyyaa haa dhaabannu. Nagaafi nageenya biyyaa tiksuum dirqama mootummaa qofa akka



hintaanes sirriirraa hubatamee ummanni bal'aan ittigaafatamummaasaa sirnaan bahachuu qaba. Ummanni bakka jirutti yoo nagaa ofii eege akeekni murna nageenya booressuuf foolatuu kichuutti fashalaa'a.

Yoo ummanni gurmaa'ee nageenya naannawaarratti hinhojjenne garuu murni akeeka badiitiif of ijaare qabeenya waloo ummataafi kan dhuunfaa balleessuuf karaa argata. Kanaaf ummanni humna isa karaarraa maqe deebisu, isa wallaale barsiisuufi dheekkamu waan qabuuf murnoota faallaa nageenyaa deeman kamuu ittisuuf tattaaffii cimaa, ijaamee gochuu qaba. Sababnisaa gareen kamuu isuma keessaa bahee deebi'ee qoree dhoqqee keessaa ittita'e waan ta'eef.

Ummanni nagaafi tasgabbiiratti cichee halkanii guyyaa humnoota nageenyaasaa wajjin ta'ee mirkaneessuu qaba. Mootummaarra abbaan nagaafi fayyadamaa guddaan ummatumma waan ta'ee nageenyisaafi qe'eesaa akka mirkanaa'uuf hojjechuu qaba.

Nageenya jiraachuu baannaan nagaan oolani buluun, guddinni biyyaa, hojjetanii milkaa'uun, walumaagalatti jiruufi jireenya dhala namaa nigaaga'ama. Nageenyaafi misooma adda baasanii ilaaluun hindanda'amu.

Biyyi keessoonshee nagaa hinqabnemmo, misoomaafi badhaadhinashaa gara fuula duraatti tarkaanfachiisuun haa hafuutii, isuma jiruyyuu diigumsarraa baraaruu hindanda'amu. Kanas biyyoota nageenyisaanii boora'ee qabeenyisaanii barbadaa'e kanneen akka Yaman, Sooriyaafi Somaaliyaafaa akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama. Qabeenya waraana dhiyeenyuma kana Itoophiyaa kaabaatti adeemsifameen barbadaa'es fakkeenya biraa waan ta'eef badiin akkanaa akka lammata hindeebineef jabaannee hojjechuu qabna.

Nuti akkuma biyyaattuu rakkoo dhabiinsa nageenyaatiin dhufu hanguma biyyoota biroolee dandamachuu hindandeenyu. Sababnisaa lammiileen biyyattii irrajjireessaan jireenya sadarkaa sarara hiyyummaa gadi ykn harkaa gara afaanii waan gaggeessaniif yoo rakkoon nagaa dhabuun mudate salphumatti miidhaawwan addaddaatiif saaxilamna.

Kanaaf nuuf dhimmi nageenyaa filannoo osoo hintaane, dhimma jiraachuu ykn jiraachuu dhabuu ta'uu jala sararree beekuu qabna. Mootummaan akka mootummaatti gaaffii hawaasni kaasu tokko tokkoon deebisuun ykn mariisisee iftoomina uumuurratti xiyyeeffatee hojjechuu qaba.

Walumaagalatti jiruufi jireenya dhala namaa

Gara fuula 15tti



## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa  
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22  
Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

### Gulaalaan

**Charinnat Hundeessaa**

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

### Qopheessitootni:

*Saamraawit Girmaa*

*Natsaannat Taaddasaa*

*Bayyanaa Ibraahim*

*WaaSihaan Takilee*

### Adeemsisaa Hojii

*Bil. 011-126-42-22*

### Kutaa Beeksisaa:

*Bil. 011-156-98-73*

### Raabsa Gaazexaa

*Bil.011-157-02-70*

### Faaksii Kutaa Qophii

*251-011-1-5698-62*

*L.S.P 30089*

*email-bariisaa@press.et*



**Ethiopian Press Agency**



# ODUU

## Haala magaalotni Oromiyarraa bishaan dhugaatii argatan hawaasa naannichaa fayyadanirratti hojjetamaa jira

Waaqshuum Fiqaadutiin

**Finfinnee:** Waliinga'iinsa bishaan dhugaatii naannichaa mirkaneessuuf Finfinnee dabalatee magaalotni Oromiyarraa bishaan argatan haala hawaasa naannichaa fayyadanirratti hojjetamaa jiraachuu Biiron Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa beeksise.

Jijjiirama dura Finfinneefi hawaasni naannawaashee dugdaafi garaa ta'uun bishaan ujummoon oyiruu qonnaan bulaa keessa imalee Finfinnee sooru qonnaan buloota naannichaa keessummaa ta'uun komii bal'aa kaasaa tureera. Oyiruu qonnaan bulaa laphee ummata Finfinnee jisuun dabalata kuusaa balfa magaalattii turuunis ni yaadatama.

Dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin turtii kan taasisan Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Mahaammad Nuuraa jijjiiramaan booda rakkoon ture jijjiiramuu dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, xiyyeeffannaa mootummaan naannichaa kenneen barana qofa pirojektii bishaan dhugaatii kuma 10 olto hojjetamaa jira. Fedhiin bishaan dhugaatiif jiru bajata mootummaa qofaan waan hinmilkoofneef inisheetviwwan garagaraa bocamanii hojiitti jiru. Magaalotni akka Finfinnee, Dirre Dhawaafi Harar bishaan



Obbo Mahaammad Nuuraa

dhugaatii naannawasaaniirraa argataniif baasii muraasa Oromiyaaf gumaachuun dirqama.

Bishaan Oromiyarraa gara Finfinnee seenu haala ittifayyadamummaa waloo mirkaneessurratti boordiin waloo hundeeffamuu himanii; haaluma kanaan bulchiinsi magaalaa Finfinnee bishaan Oromiyarraa argatuuf pirojektii bishaanii hawaasa magaalaa Shaggar kutaalee magaalotaa Sabbataa, Sulultaafi Buraayyuutti hojjechuu dubbataniiru.

Kanaan booda pirojektiin bishaan dhugaatii Oromiyarraa Finfinneef bishaan dhiyeessu kamuu hammattummaa hawaasa naannichaa mirkaneessuusaa kan to'atu boordii haaraan

hundaa'e kana jedhaniiru.

Kana malees, fandiin misooma bishaanii kan haala itti fayyadama bishaaniiratti hojjetu hundaa'uu eeranii; fandiin kun haala hoteelotniifi dhaabbilee guguddoon bishaan ittifayyadamaniifi bishaan fayyadamaniif ammoo galii madda bishaanii gabbisu itti gumaachanirratti xiyyeeffatee kan hojjetu ta'uu ibsaniiru. Kaffaltiin kun sadarkaa dhaabbata dhuunfaatti xiqqaa ta'us pirojektii bishaan dhugaatii dabalataa hojjechuuf daran kan gargaaru ta'uu eeraniiru.

Waliinga'iinsi bishaan dhugaatii mataduree, "Madda tokko ganda tokkoof" jedhuun hirmaannaa hawaasaatiin eegalamuu himanii; barana maddi bishaan xixiqqaa kuma saddeetii ol hojjetamaa jiraachuu himaniiru.

Kana malees, barana kallattii mootummaan naannichaa kaa'een naannawa gammoojjiiifi horsiisee bulaatti Pirojektii Finnaa dabalatee pirojektonni bishaanii hojjetamaa jiran guutummaatti yookiin gariin ni xumuramu jedhanii; bu'uuruma kanaan Harargee lameenitti pirojektiin Hayyuufi Miinoo, Baalee Bahaatti pirojektiin Bareediifi Malkaa Odaa, Booranatti pirojektiin Tuqaa pirojektota gariin yookiin guutummaatti xumuramanii tajaajila kennuuf karoofaman ta'uu ibsaniiru.

## "Kaayyoon keenya ..."

biyyattiis gumaata ummattoota biyyattii hunda bakka bu'uu qabas jedhan.

Akka isaan jedhanitti, yaadni fiixeetti ba'e kan ummattoota biyyattii walitti hinfidne, rakkolee muudatan hunda mootummaa/ haalatti haqachuu, kaleessarra har'a yookii har'arra kaleessa olkaasuufi gad buusuuf waan dhamaatii guddaan akka biyyaatti hojjetamu hunda salphisani ilaaluufaan rakkolee hatattamaan sirrachuu qabaniidha.

Itoophiyaan akka biyyoota Dhiyaafi biyyoota Arabaa biratti dalga hubatamtu osoo hintaane biyya sabdaneettii amantaa kiristaanaa, Isilaamaafi kanneen biroo hammattuufi nagaan waliin jiraachiftu ta'uushee eeranii; kun fuulduratti taatee cimtee ittifufu ta'uu himaniiru.

Gama biroon qabsoo karaa nagaaf karra saaqameen paartiileen morkattoota akka KFOfi sosochii ummata Amaaraafaa osoo qabsoo naga adeemsisaa jiranii Shaneefi kanneen biroo wanti kilaashii baachisiisu hinjiru kan jedhan Doktor Abiyyi; qaamota guddina biyyattii hinjaalanneef meeshaa ta'uun kilaashiin mootummaa aangoorraa fonqolchuuf wixxirfachuu bu'aa akka hinqabne dubbataniiru.

Waraana ololaa as akkuma addunyaattuu murni afaan qawweetiin aangoo qabate hinjiru. Itoophiyaattis abjuun akkasii yoomuu hinmilkaa'u. Yoo xiqqaate mootummaan Itoophiyaa misooma yeroof tursiisee bajata pirojektii kaappitaalaaf ramadu doolaraa biliyoona 10n diina biyyatti dhufu qolachuu akka danda'us hubachiisaniiru.

Haaluma kanaan naannolee Oromiyaafi Amaaraa bakka tokko tokkotti rakkoon nageenyaa jiraachuu himanii; rakkoon nageenyaa kun lubbuu namaa dabarsuu, qabeenya mancaasuufi imala badhaadhinaa gufachiisuurra kan darbe bu'aa hinqabu. Fedhiin mootummaa yeroo mara nageenya qofa ta'us ibsaniiru. Keessattuu qaamoleen hidhatanii bakka garaagaraatii nageenya booressan gara nagaatti akka deebi'aniifis waamicha dhiyeessaniiru.

Waa'ee daangaa Tigraayyiifi Amaaraa ilaalchisee kallattii mootummaan lafa kaa'ee murtoon ummataa akkuma jirutti ta'ee deebiin isa tokkoof kennamu isa birootti gaaffii akka hintaanetti Hayyootnifi Abbootiin amantaa naannichaa rakkoon kun karaa nagaan akka furamu gaheesaanii taphachuu akka qabanis dhaamsa dabarsaniiru.

Miidiyaa ilaalchisee akka jedhanitti, miidiyaan misoomaafis ta'ee badiif shoora olaanaa qaba. Yeroo ammaa baay'inni miidiyaalee biyyattii 154 ga'eeera. Miidiyaaleen faayidaa biyyaafi ummataa dursuun hojjetan akkuma jiran kanneen faallaa kanaa hojjetanis jiru. Miidiyaalee faallaa dantaa biyyaa dhaabbatani seerris yeroonis kan adda baasu ta'uu dubbataniiru.

Waliigalatti, Itoophiyaan rakkoo walxaxaa keessatti guddina dinagdee dijiitii dachaa galmeessuushee ibsani; biyyattiin walqixxummaafi guddina dinagdeen biyya fakkeenya taatu taasisuuf ciminaan hojjetamas jedhaniiru.

## Wiirtuuwan gabaa karrawwan Finfinnee shananirratti qarshii biliyoona 8.3 ijaaramaniifi ijaaramaa jiran

Taammiruu Raggasaatiin

**Finfinnee:** Qala'iinsa jireenyaa maqsuuf wiirtuuleen gabaa omishaalee qonnaa shan karrawwan Finfinnee shananirratti qarshii biliyoona 8.3n ijaaramaa jiraachuu Biiron Daldalaa Magaalaa Finfinnee beeksise.

Hogganaan biirichaa Obbo Biiniyaam Mikruu ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, qalaa'iinsa jireenyaa magaalichatti mul'atu maqsuuf biirichi karra magaalichaa shananirratti wiirtuulee gabaa omishaalee qonnaa shan qarshii biliyoona 8.3n ijaarsisaa jira.

Wiirtuulee shanan kanneen keessaa sadii guutummaatti kan xumuraman yommuu ta'u, lama ammoo ji'oota muraasa keessatti xumuramu jedhan.

Giddugala gabaa xumuramanii eebbifaman kana keessaa tokko kan ta'e Wiirtuun Gabaa Omisha Qonnaa Kolfee daldala midhaaniif, kuduraafi muduraaf akka mijatutti kan hojjetameedha kan jedhan Obbo Biiniyaam; wiirtichi qorrissiistuu utuu omishni hinmanca'iin tursiisu of keessaa akka qabus dubbataniiru.

Qaala'iinsa gatiif sababni ijoon dhiibbaa faddaaltota seeraan alaati kan jedhan Obbo Biiniyaam; haa ta'uutti wiirtuuleen gabaa kanneen omishootaafi bitattoota kallattiin waan walqunnamsiisuuf dhiibbaa faddaalotaa hir'isuu keessatti gahee guddaa kan taphatan ta'uu hubachiisaniiru.

Dabalataanis wiirtuu tokko midhaan nyaataa, kuduraafi muduraa, beyladaafi bu'aalee beyladaa fayyadamtootaafi dhiyeessuun jiraattota magaalichaa fayyadamaa taasisuu



Giddugala Gabaa Omisha Qonnaa Kolfee

akka danda'anis himaniiru.

Wiirtuuleen kunneen yuniyeenotaafi waldaalee qonnaan bulootaa kutaalee biyyattii garagaraatti argamaniif dabarfamanii kan kennaman yommuu ta'u, haala bulchiinsa wiirtuulee kanneenii ilaalchisees biirichi qajeelfamarratti hundaa'ee yuniyeenotaaf dabarsee kennaa jiraachuu ibsaniiru.

Akka ibsa hoggantichaatti, yuniyeenotni gara wiirtuu gabaatti seenan omishasaanii fayyadamtootaafi daldaltootaafi gatii gabaa idileerraa dhiibbantaa 15 hanga 20tti hir'isuun qulqullina madaalawaan akka dhiyeessaniif biirichi deeggarsa barbaachisaa ni taasisa.

Hojjaggeessaan Yuniyeenii Omishoota Kuduraafi Muduraa Maqii-Baatu Obbo

Kumasaa Guddinaa gamasaaniitiin akka jedhanitti, yeroo baay'ee sababa dhiibbaa faddaaltotaatiin qonnaan bulootni omisha kuduraafi muduraarratti bobba'an omishuuf dafquu malee bu'aa barbaadan hinargatan. Kanaan dura yuniyeenichi omishasaa gabaa giddugaleessaatti dhiyeessuuf haalli mijaa'an akka uumamuuf mootummaaf gaaffii dhiyeessaa tureera.

Omishootni kuduraafi muduraa waldaan gurmaa'uun yoo wiirtuulee kanneen argatan omishnisaanii mancaatiirraa bararamuu bira darbee gatii madaalawaatti akka gurguratan taasisa jedhanii; yuniyeenota jala qonnaan bultoonni hedduun waan jiraniif wiirtuuleen kunniin namoota dhuunfaaf osoo hintaane yuniyeenotaaf kennamuunsanii tarkaanfii sirrii ta'uu eeraniiru.



# Mijuu

**BARIISAA SANBATAA** Sadaasa 8 Bara 2016



**“Guddinni dinagdee keenya dabalaa jiraachuu ‘IMF’tu ragaa baha”**

- *Ministira Muummee Abiyi Ahmad (PhD)*

**fuula 10**



**“Afaan Oromoo erga Afaan ‘Google’ ta’ee as fooyya’iinsa lakkoofsaan ykn dhibbantaan ibsamuu hindandeenye agarsiiseera”**

- *Abdiisaa Baancaa Jaarraa*

**fuula 6**



**“Balicha hooda tarii Waaqayyoo isan miila lamaan dhabe miila tokkoon naa kennuufi, jedheen of amansiise”**

- *Gaazexeessituu Firehiwoot Taammiruu*

**fuula 9**



## Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa wajjin Walta’uun torban torbaniin kan dhiyaatuudha

### Raawwii hojii kurmaana 1ffaa bara bajataa 2016 Dhaabbata Abbagaar Itoophiyaa Damee Oromiyaa

#### Kutaa 3ffaafi xumuraa

Iyyannoowwan dhihaatan keessaa galmeewwan jaha mariifi walii galtee qaamota lamaaniiitiin akka xumuramu kan taasifame yemmuu ta’u, kun immoo bu’aawwan guguddoo armaan gadiitiif sababa ta’eera. Isaanis:

Galmeewwan shan jechuunis galmees Obbo Malkaamuu Bantii kan namoota 10 of jalaa qabu, galmees Obbo Taarikuu Eebbisaa kan namoota sadii of jalaa qabu, kan Obbo Bulchaa Galalchaa, kan Obbo Olbiraat Dabalaa kan namoota saddeet of jalaa qabuufi galmeen Obbo Eebbisaa Taasisaa kan namoota 30 of jalaa qabu waliigalaan iyyannoowwan namoota 52 dhimmoota walfakkaaturratti kan xiyyeeffatan turan.

Dhimmi isaan irratti iyyannoo dhiheeffatanis huccuu seeraa danbiin mana hojiisaanii eeyyamuuf dhorkamuu yemmuu ta’u, dhaabbanni abbagaar iyyannicharratti hundaa’uudhaan marii dhaabbilee iyyattoota kana mindeessee hojjachiisaa jiru waliin taasisen waajjiraalee sana amansiisuudhaan huccuun seeraa iyyattootni irratti iyyannaa dhiheessan akka deebi’ee kennamu taasifameera.

Galmeen nama Obbo Moosisaa Baqqalaa jedhamuun hojikoorraa seera malee ari’ameera jechuudhaan dhaabbata abbagaariif dhihaate immoo galmees biraa yemmuu ta’u, dhaabbanni abbagaaris dhimmicharratti dhaabbata Obbo Moosisaan irratti iyyannoo dhiheessaniif xalayaa barreessuufi isaan waliinis maria’chuun dhimma irratti waldhaban furuun danda’ameera.

Kanaanis seeraan ala hojirraa ittifamanii kan turan Obbo Moosisaan gara hojii idileesaaniitti deebi’aniiru. Adeemsi iyyannoowwan dhihaatan gara seeraatti osoo hinadeemin mariidhaan furuu kun hariiroo murteen booda qaama iyyannoo dhiheesseeffii iyyannoon irratti dhihaate bifa gaariidhaan akka ittifufu kan dandeessisu waan ta’eef hojimaata jajjabeeffamuu qabuudha.

#### Qorannoo kaka’umsa ofiitiin taasifamu

Qorannoon kaka’umsa ofiitiin taasifamu kun karooras ta’e raawwii waan jedhamu hinqabu.

#### Mirga odeeffannoo argachuu lammiilee mirkaneessuuf hordoffii irradeebiidhaan adeemsifameeffii deeggarsa taasifameef

Karoorri dhaabbilee sagalirratti hojii hordoffii irradeebii kana taasisuuf kan qabame yemmuu ta’u, raawwiinsaas dhaabbilee karoofaman

hunda waliin gahuun danda’amee jira.

Waajjiraalee ykn manneen hojii naannoleetti argamanitti hojiin hordoffiifi deeggarsaa kan taasifame yemmuu ta’u, isaanis; korporeeshiinii hojii konistiraakshiniin, biiroo dhimma dubartootaafi daa’immanii, ejensii kaafamtoota misoomaa, biiroo dhaabbilee misoomaafi pirojektii hirmaannaa ummataa hidha guddichaati.

Akkasumas kutaalee bulchiinsa magaalotaa lamarratti hojiin hordoffiifi deeggarsaa kun kan adeemsifame yemmuu ta’u, isaanis kutaa magaalaa Laga Xaafuu Laga Daadhiitti waajjira dhimmoota kominikeeshiniifi waajjira bulchiinsa kutaa magaalichaati.

#### Hojiwwan hordoffiifi to’annoo taasifameen qaawwan gurmaa’inaan mul’atan

Qaawwan hordoffiifi deeggarsaan gurmaa’inaan walqabatee mul’ate keessaa inni guddaan gurmaa’insi ykn immoo caasaan Kominikeeshinii sadarkaa Aanaa irra jiraachuu dhabuu yemmuu ta’u, naannolee tokko tokko keessatti immoo biroleefi waajjiraalee garaa garaa keessattis bifa guutuu ta’een kan hin jirre ta’uunsaas adda bahee jira.

Dabalataanis hojirra oolmaa mirga bilisummaa odeeffannootiin walqabatees

ummata bira ammas rakkoon hubannoo bal’aan akka jiru hojii hordoffii taasifameen kan mirkanaa’e yemmuu ta’u, odeeffannoon qaama odeeffannicha barbaaduuf kennamus karaa hoogganaa waajjira kominikeeshiniitiin ta’uu dhabuunsaas qaawwa dabalataa adda baheedha.

Odeeffannoon qaama odeeffannicha barbaaduuf kennamu tokko immoo haala qabatee taa’e guutuudhaan ta’uu dhabuufi labiin mirga bilisummaa odeeffannoo kutaa 3ffaa keeyyata 36/3 haala taa’een hojirra oolaa dhabuunis qaawwan hojii hordoffii taasifameen adda bahaniidha.

#### Qulqullina hojimaataa fooyyessuu

Hojimaatonniifi dambiiwwan dhaabbatichaan hojirra oolaa jiran ulaagaawwan taa’an kan madaalu ta’uusaa irratti karoorri dhibbantaa 85 kan ulaagicha guutan taasisuuf kan qabame yemmuu ta’u, raawwiinsaas haaluma qabameen dhibbantaa 85 raawwachuun danda’ameera.

Hojirra oolmaa seera mirga bilisummaa odeeffannootiin walqabatee immoo hojiin hordoffiifi deeggarsaa haaluma istaandaardii taa’ectiin raawwatuunsaas adda baheera.



## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Afaan Oromoo erga Afaan ‘Google’ ta’ee as fooyya’iinsa lakkoofsaan ykn dhibbantaan ibsamuu hindandeenye agarsiiseera”

- Abdiisaa Baancaa Jaarraa

Natsaannat Taaddasaatiin

*Keessummaan Bariisaa maxxansa kanaa Ogeessa ‘ICT’, Hogganaa Olaanaa ‘Afan Africa Association-3A’ akkasumas Hundeessaa ‘OICT Solutions’fi Qindeessaa ‘Google’ Afaanota Itoophiyaa/Afrikaa kan ta’e Dargaggoo Abdiisaa Baancaa Jaarraati. Dargaggoon kun dargaggootaafi hayyoota biyya keessaafi alaa qindeessuudhaan Afaan Oromoo dijitaallessuu ykn Afaan ‘Google’ akka ta’u taasisuu keessatti nama gumaacha olaanaa taasisseefi ammas taasisaa jiruudha.*

*Gaafdeebii Gaazexaan Bariisaa dargaggoo kana waliin dhiyeenya kana dhimmoota Afaan Oromoo dijitaallessuu ykn Afaan ‘Google’ taasisuu, Afaan Oromoo sirnaan qubeeffamuu dhabuu, haleellaa saaybarii, ittifayyadama teknolojiifi hojiirra oolmaa dijitaalaa biyya keenyaarratti taasisne akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.*



Suurri: Gabaaboo Gabreetiin

**Bariisaa: Bakka dhalootaa, sadarkaa barnootaafi muuxannoo hojii kee hanga ammaatti jiru gabaabsitee utuu nuuf ibsitee?**

**Abdiisaa:** Naannoo Oromiyaa, Godina Arsii Lixaa, Aanaa Naansaboo, Ganda Gataattin dhaladhe. Barnootakoo sadarkaa tokkoffaa hanga 6ffaatti bakkuma dhalootakoottin baradhe. Barnootakoo sadarkaa giddugaleessaa, lammaffaafi qophaa’inaa ammoo Magaalaa Dodolaattin baradhe. Digriikoo jalqabaas Yunivarsitii Haramaayaatti baradheen bara 2005 ‘ICT’n eebbifame.

Yeroo sanas pirojektii hojiikoo har’aatii bu’uura ta’e barnoota Afaan Oromooratti appilikeeshinii mobaayilii 25 ol hojjeedheera. Pirojektinkoo sun waan ‘Best project of the year’ tureef digriikoo jalqabaatiin eebbifame.

**Bariisaa: Akkamiin gara addunyaa hojiitti seente?**

**Abdiisaa:** Eebbifamee utuun torban tokkoo filla hinturinin carraa hojii argadhee mana barnootaa Daandii Boruu, Finfinnee naannawa Booleetti argamutti qarshii kuma sadiin mindeeffamee ‘Data base’ irra galee hojjechaa ture. Mana barnootichaatti ergan torban tokko hojjeedhee booda dhaabbanni Ameerikaa sooftiweeriifi pirojektota adda adda hojjetu tokko “Pirofaayilii kee Yunivarsitii Haramaayaarraa arganne” jedhee na waame.

Dhaabbatiichi pirojektii gaariin turtiikoo yunivarsiitiitti hojjeedheen barnoota gochaan deeggarama na barsiisuuf waadaa naa seene. Kanaanis qarshii waan naa hinkaffalleef maatiikoo mariisisee “Baradhu waan barbaachisu si deeggarra” naan jennaan ittifufe. Barumsin dhaabbatiichatti baradhe sadarkaan har’a irra gaheef bu’uura cimaa naa ta’eera.

**Bariisaa: Sochiin sana boodaa akkam ta’e?**

**Abdiisaa:** Ergan leenjii ji’a tokkoo fudhadhee booda qarshii 800 argachuu jalqabe. Dhaabbatiichi raawwii hojiikoo ilaalee ji’a lammaffaarratti qarshii kuma sadiifi 500n na mindeesse. Ergan ji’oota torbaaf hojjeedhee booda Faranjoonni dhaabbatiicha keessa hojjetan waan

‘Neetwoorkiin’ Itoophiyaa isaan rakkiseef ‘waliin Keeniyaa deemnee akka hojjennu na gaafataa turan. Gidduu kanatti Itiyoo Telekoomiirraa naa bilbilame.

Anis Itiyoo telekoom galee ogummaakootiin taajiluun qaba jedhee waanan yaadaa tureef dhaabbatiicha waliin Keeniyaa deemuu dhiiseen Itiyoo Telekoomitti hojii jalqabe. Appilikeeshinii dhaabbatiichaa ‘My Ethiotel’ dizaayiniisaa kan hojjetete ana ture.

Utuman Itiyoo Telekoom keessa hojjechaa jiruu dorgommii kalaqaa biyyoolessaa tokko dorgomeen ja’affaa ba’een dargaggoota 10 Itoophiyaa bakka bu’uun gara Ruwaandaa akka deemaniif filataman keessaa tokko ta’e. Utuma deemuuf qophiirra jiruu dhaabbata Yaalii Ameerikaa waggaa waggaa dargaggoota Afrikaa walitti fidu tokkoon filatameen Keeniyaa deeme.

Keenyaadhaa deebi’ee akkuman Buufata Xiyyaaraa Biyyoolessaa Boolee ga’een Hogganaan Itiyoo Telekoom damee Jamoo naaf bilbilee waajjiratti na waame. Gaafan bakka na waaman ga’ee, maaliif akka na waamangaafadhu olna galchaniilaaptooppi, taabileetiifi mobaayiliikoo narkaa fuudhan. Sababasaa gaafannaanis xalayaa Ministirri Muummee ittimalatteessan natti agarsiisanii “Teknolojiidhaan biyya diigaa jirta” jedhanii humnoonni nageenyaa lama naqabaniin deeman.

**Bariisaa: Yeroo hammamiif, yoom, eessatti hidhamtere?**

**Abdiisaa:** Guyyoota 37f maatiinkoo eessa akkan jiru hinbeekan turan. Boodarra gara Xollaayitti nageessanii ji’a shaniif erga nahidhanii booda tiisheertii irra hindeebi’amu (Ayidagamim) jedhu nutti uwwisanii nu baasan. Akkuman ba’een Itiyoo Telekoomitti deebi’een hojii koo ittifufe. Taateen kun bara 2009 keessa ture.

Ani ogeessa teknoloojii ykn ‘ICT’ waanan ta’eef waa’ee Afaan Oromooratti sirriittan hojjechaa ture. Afaan Oromoo sirnaan qubeessuurratti hanqinni guddaan waan mul’atuuf dargaggoota biroo qindeesseen miidiyaa hawaasummaa ‘facebook’ fayyadamuun waliin irratti hojjechaa turre. Hojii kana jabeessinee itti fufuudhaan weessaayitiifi appilikeeshinoota 25 hojjenne. Hojiin keenya gaafa beekamaa

dhufu miidiyaarratti dhiyaachuu jalqabne. Miidiyaa hedduunis nu barbaadanii dhufanii hojii keenya beeksisuu jalqaban.

Kanaanis beekamtiifi dhageettiin keenya dabalaa dhufe. Akkasumas ‘OICT Solution’ hundeessuudhaan dhimma teknolojiirrattis barreessaa turre. Asirratti yoo rakkoofi hanqinni neetwoorkiifi intarneetii jiraate haala namoonni itti fayyadamuu danda’an barsiisaan ture. Yeroo sana weessaayitiifi ‘ATM’n hatamaa waan turaniif akka waanan hanna kana keessaa harka qabuutti maqaankoo liistii addaa ‘selected list’ irratti galmeeffamee ture. Ani garuu gochaafi hannicharraa bilisan ture. Boodarra hojii Itiyoo Telekoom fedhakootiin gadlakkisee Adaamaatti gale.

Adaamaa ergan ji’a tokko taa’ee booda waldorgommiin tokko Jarman Barliinirratti bahe. Dorgommiin kun dargaggoota kalaqaa qaban biyyoota addunyaarraa kan walitti fidu ture. Dorgommicharratti dargaggoota kuma tokkoofi 700, kanneen biyyoota addunyaa 176 irraa walitti babba’antu hirmaate. Dorgommichaaf filannoon ummataa %30 qaba ture. Ummanni keenya %30 kana irratti bal’inaan hirmaatee na dabarse. Anis qormaataafi afaaffiif darbe. Itoophiyaanis biyyoota Biraaziliifi Gaanaatti aantee sadarkaa 3ffaa baate.

Kanarratti miidiyaan gara garaa na dubbisuu jalqaban. Abbaan Qabeenyaa Yunivarsiitii Rifti Vaalii Obbo Dinguu Dayyaas waa’ekoo dhaga’anii na waaman; yunivarsiitichatti Daarektara Ceesisa Saayinsiifi Teknolojii ta’een mindeeffame. Akkasumas, Daarektara Giddugala Qorannoo Oromoofi Daarektara ‘ICT’ ta’ee hojjeedheera. Bakkawwan adda addaatti hoggansarratti hojjeedhus Afaan Oromooratti hojjechuu garuu yeroo tokkoyyuu addaan kutee hinbeeku.

**Bariisaa: Afaan Oromoo bu’aa ba’ii akkamiin keessa darbee Afaan ‘Google’ ta’uu danda’e?**

**Abdiisaa:** Afaan Oromoo Afaan ‘Google’ taasisuun gaaffii ummata Oromoo isa ijoo ture. Keessumaa barnoota sadarkaa olaanaarraa gaaffiin dhiyaataa ture. Afaan Oromoo Afaan ‘Google’ akka ta’uuf duula ummataa waamnee xalayaa dhaabbata ‘Google’tti barreessine.

Dhaabbatiichi gaaffii keenya yeroo afur kuffisee shanaffaarratti nuuf eeyyame. Pirojektii kana dargaggoota biyya keessaafi alaa gurmeessee utuun hogganaa jiruun ALA bara 2016 hidhame. Pirojektichis addaan citee ture. Gareen biyya alaa jiru kan ‘Jaatanii Guddicha’ jedhamu tokko pirojekticha ittifufsiisuuf tattaaffii cimaa taasisaa ture.

Boodarra dhaabbatiichi Afaan Oromoo Afaan ‘Google’ akka ta’uuf yeroo nuu eeyyame, jechoota miliyoona tokko nu gaafatee ture. Jechoota kanneen argachuun rakkisaa waan tureef namoota hiika jechootaa barreessan akkasumas Giddugala Aadaa Oromoo bira deemee gaafadhus argachuu hindandeenye. Yeroo sana jechoota kuma 60tu na bira ture; kanneenis garee biyya alaa taa’ee dhimmicha hordofuuf ergeen ture.

Ani bara 2019 Yunivarsiitii Rifti Vaaliirraa hojii gadhiiseen, bara 2020 ‘African Developers Scholarship’ kan dhaabbanni ‘Google’ kennu argadhe. Iskoolaarshiippiichi biyyoota Afrikaa 40f kan kenname yoo ta’u, Itoophiyaarraa ana dabalatee nama sadiitu carricha argate. Namoonni carricha argannes ji’a ja’aaf biyyuma keenya teenyee karaa ‘online’ leenjinee xumurree waraqa ragaa fudhanneera.

Dhaabbanni ‘Google’ nuti warri marsaa duraa leenjine, leenjifamtoota marsaa lammaffaa akka leenjifnuuf carraa nuuf kenne. Yeroo kanas leenjiftoota Keeniyaa, Naayjeeriyaafi biyyoota Afrikaa gara garaa waliin walbare. Kanneen keessaa afaanirratti cimani hojjechaa kan turan leenjiftoota Keeniyaaifi Naayjeeriyaati.

Leenjiftoonni Naayjeeriyaas akkaataa Afaan Oromoo afaan ‘Google’ ta’uu danda’urratti odeeffannoo naaf kennan. Anis pirojektii Afaan Oromoo Afaan ‘Google’ taasisuuf jalqabamee waggaa sadii oliif addaan citee ture bifa haaraadhaan ittifufsiiseen dhaabbata ‘Google’ gaafannaan guyyaa lama keessatti gara hojiitti seenuu dandeessu jechuun xumura bara 2020tti nuuf eeyyame.

Anis ijoollee biyya gara garaa jiraatan kan ogummaa Afaan Oromoo qabaniifi carraa intarneetii bal’aa qaban walitti qabeen



## KEESSUMMAA BARIISAA

## “Afaan Oromoo erga Afaan ‘Google’ ...

siistama ‘Google’ nuuf banametti jechoota Afaan Oromoo ittigalchuu jalqabne. Dhaabbanni ‘Google’ akka yeroo duraa jechoota miliyoona tokko fidaa nuun hinjenne. Nuti ‘Google’ irratti waanuma siistamni nu agarsiisu Afaan Oromootti hiiknee ittigalchaa turre. Sistemichi ‘Artifiishaal Intalajansii’ waan ta’eef akkuma namaa, jechoota ittigalfaman keessaa jecha kanatu bakka kana galuu qaba jedhee ofiisaatii bakka buufatee agarsiisa.

Bara 2022 yeroo ‘Google’ afaanota 25 afaanota gurguddoo addunyaa 109tti dabaluu Itoophiyarraa Afaan Oromoofi Afaan Tigiree filatamaniiru. Barattoota Afaan Tigiree danda’aniifi Yunivarsitii Haarvaarditti barataniifi hayyoota afaanichaa danda’an qindeessanii jechoota Tigiree ‘Daataa Google’tti akka galchan taasisuun afaanichi Afaan ‘Google’ akka ta’u kan taasisse ana.

Afaan Affaaris Afaan ‘Google’ akka ta’uuf hayyoota afaanichaa Yunivarsitii Samaraa jiraniifi Biiroo Aadaafi Turizimii naannichaa waliin hojjechaan jira. Afaan Affaar qabiyyee barbaachisu guuttatee yeroo dhiyootti afaan ‘Google’tti ni dabalama.

Wayita afaanonni 25 ‘Google’tti dabalaman Itoophiyaa bakka bu’ee anatu Hindii deeme. Waltajjicharratti Afaan Affaar qabiyyee barbaachisu akka guuttatuuf akkan irratti hojeduuf hojii manaa natti kennamee ture. Hojii manaa kana fudhee gara biyyaatti deebi’ee akkuman Feesbuukiirratti dhoobeen hoggantoonni Biiroo Aadaafi Turizimii Naannoo Affaar arganii naaf bilbilan; na waamaniis dhimmicharratti na waliin mari’atan.

Akkaadaamiin Afaanii biiricha jala jiru pirojekticha fudhatee, bajata itti qabatee, namoota 90 irratti leenjisee qabiyyee afaanichaa guutuurratti akka hojjetan taasifneerra. Afaan Affaar yeroo dhiyootti afaan ‘Google’ ni ta’a jedhamee eegama.

**Bariisaa: Yeroo ammaa afaanota Itoophiyaa keessaa meeqatu Afaan ‘Google’ ta’ee tajaajilaa jira?**

**Abdiisaa:** Afaanota sadiidha. Isaanis Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan Tigireeti. Afaan Affaar ammoo dhiyeenyatti ni dabalama jedhamee eegama. Afaanota kanneen dabalaman kan qindeessaa jiru ana. Afaan Somaalees Afaan ‘Google’ akka ta’uuf hayyoota afaanichaa waliin irratti hojjechaan jira.

Qabiyyee Afaan Tigiree fooyyessuuf Biiroo Aadaafi Turizimii Tigiraayitti, Akkaadaamiin Afaan Tigireefi Yunivarsitiin Maqalee erga nageenyi naannichaa tasgabbaa’ee dhimmicharratti waliin akka hojjennuuf naaf bilbilaniiru. Yunivarsitiin Jigjigaas qabiyyee Afaan Somaalee fooyyessuurratti ittigaafatamummaa fudhatee ana waliin hojjechuuf waadaa seeneera.

Hanqina qabiyyee Afaan Oromoo fooyyessuurratti jiru furuudhaaf ‘Waldaa Afaan Afrikaa- 3A’ ykn ‘Afaan Africa Association-3A’ hundeessee irratti hojjechaa jirra. Waldichi Afaanota Itoophiyaa shan (Afaan Oromoo, Amaariffaa, Afaan Tigiree, Afaan Affaariifi Afaan Somaaleerratti) hojjechaa jira.



Dargaggoota Afaanota Afrikaa qindeessaa jiran shan keessaa lama Keeniyaa, lama ammoo Naayijeeriyaa kan jiran yoo ta’u, Itoophiyarraa ammoo ana. ‘Google Crowdsourcing’ mindaa naa kaffaluu jalqabuu baatus akkan afaanota Itoophiyaa qindeessuuf xalayaadhaan bakka nabuuseera.

Hojmanee naa kenname lafa qabsiisuufi hanqinoota afaanota Itoophiyaa Afaan ‘Google’ ta’anii guutuuf hayyoota afaanii qindeesseen waliin irratti hojjechaa jira. Akka Afrikaattuu giddugalli qorannoo afaanii dhabamuun hojii kun akka ulfaatu taasisseera.

Afaan Oromoo Afaan ‘Google’ ta’eera jechuun Afaan Ingiliffaa waliin walqixxaateera jechuu miti. Afaanichi erga Afaan ‘Google’ ta’ee hiikaan afaanichaa barreeffamaan jiraachuu qaba. Hiikaan kun barreeffama gara barreeffamaatti, sagaleerraa gara barreeffamaatti akkasumas hiikkaa fakkii qabaachuu qaba.

Aadaan, safuun, argamni turiizimii biyya keenyaa, sirni hawaasa keenyaa akkuma jirutti ‘Google’tti galchuu qaba. Kana raawwachuun ammoo humna, bajataafi baasii guddaa gaafata.

Waldaan Afaan Afrikaa -3A pirojektii hawaasa Oromoo sadarkaa idil addunyaatti beeksise kana caalaatti milkeessuuf hojjechaa jira. Pirojektii waldichi irratti hojjechaa jiru deeggaruufi itti fufsiisuun ammoo dirqama seenaati.

Waldichi hojicha hayyoota yunivarsitiiwwan gara garaarraa walittiqabee hojjechuun Afaan Oromoo yeroo ammaa ‘Google’ irratti sadarkaa hiikkaa sirrii kennuurra

gaheera. Waldichi hayyoonni Oromoo yunivarsitiiwwan garagaraarraa babba’an 90 waliin hojii hiikkaa barreeffamaa Afaan Oromoo akkasumas gaazexeessitoota shamarranii 30 ol waliin hiikkaa sagalee Afaan Oromoorratti hojjechaa jira.

Pirojektii Afaan Oromoo kana deeggaruurratti hanqina guddaatu mul’ata. Biirron Aadaafi Turiizimii Oromiyaa hojii waldichi hojjechaa jiru akka deeggaruuf yeroo garagaraa gaafannus deebii nuu hinkennine. Biirron Barnoota Oromiyaa garuu dhiyeenya kana waldichatti dabalamee nu waliin hojjechaa jira.

Kollejjonni naannicha keessa jiran hojiicharratti akka hirmaataniifis kallattii kaa’eera. Pirojektii waldichi hojjechaa jiru safuu, enyummaafi seenaa hawaasa keenyaa ol kaasuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf hunduu irratti hirmaachuu qaba. Yeroo ammaa Afaan Oromoo sadarkaa gaariirra ga’eera.

‘Waldaan Afaan Afrikaa -3A’ Afaan Oromoo afaanota gurguddoo addunyaan walqixxeessuuf waldaa ijaarameedha. Waldichi yeroo ammaa miseensota dhaabbii 50 ol qaba. Yunivarsitota garagaraa keessaa ammoo miseensota 90 ol akkasumas ‘online’n ammoo miseensota 500 ol qaba.

**Bariisaa: Afaanota addunyaarra jiran keessaa afaanota meeqatu afaan ‘Google’ ta’e?**

**Abdiisaa:** Afaanota addunyaa kuma torbaa ol ta’an keessaa afaanota 133tu galmaa’ee jira. Waggoota shan dhufan keessatti ammoo afaanonni addunyaa sagal afaanota gurguddoo addunyaatti dabalamuuf qophii xumuraa jiru. Afaan tokko afaan ‘Google’

ta’e jechuun afaan teknolojii, qorannoofi qo’annoo ta’a jedhuudha.

Yeroo ammaa ‘Globalization’ waan jedhamutu jira. ‘Globalization’ addunyaa ganda tokko taasisuudha. Adeemsa kana keessatti afaan jajjabaatee jirutu teknolojii dabalama. Afaan teknolojii hindabalame ammoo harca’aa deema. Afaan tokko afaan ‘Google’n afaanota gurguddoo addunyaa ta’uuf ulaagaawwan gurguddoo dhaabbanni ‘Google’ kaa’e guutuu qaba.

Kanneen keessaa baay’inni ummata afaanichaa dubbatuufi qabiyyeen afaanichaa intarneetiirratti sirnaan kan mul’atu ta’uu qaba. Fakkeenyaaf dhaabbanni ‘Google’ jalqabarratti Afaan Oromoo intarneetiirraa qabiyyee gahaa hinqabu jedhamee kuffisee ture.

**Bariisaa: Afaanota Itoophiyaa keessaa kan jalqaba afaan ‘Google’ ta’e kamiidha?**

**Abdiisaa:** Afaan Amaaraati. Afaan kun afaan ‘Google’ erga ta’ee waggoota saddeet kan lakkoofsise ta’us qaamni sirnaan irratti hojjetee qabiyyee barbaachisu akka guuttatu taasisse hinjiru. Afaanota Itoophiyaa shanan Waldaan Afaan Afrikaa -3A’ hogganaa jiru keessaa qabiyyee gadaanaa kan qabu Afaan Amaaraafi Afaan Tigireeti.

Afaan Oromoo afaan ‘Google’ erga ta’ee as hayyoota Afaanii yunivarsitota garagaraa waliin qabiyyee afaanichaa guddisuurratti hojjechaa jirra. Afaan Oromoo erga Afaan ‘Google’ ta’ee as fooyya’iinsa lakkoofsaan ykn dhibbantaan ibsamuu hindandeenye agarsiiseera.

**Bariisaa: Duulli ati barreeffama Afaan Oromoo sirnaan hinqubeeffammerratti karaa miidiyaa hawaasummaakee taasisaa jirtu bu’aa akkamii qaba jettee yaadda?**

**Abdiisaa:** Duulli kun sadarkaa yaadeen olitti jijjiirama fidaa jira. Xalayaan waajjiraalee mootummaa keessaa ba’aniifi barjaaleen magaalota Oromiyaa garagaraa keessa jiran dogoggora qubeerraa bilisa akka ta’aniif dhiibbaa guddaa uumaa jira.

Hoggantoonni mootummaa xalayaan waajjirasaaniirraa ba’u dogoggora qubee qabaachuuf dhiisuusaa utuu hin ilaalin itti mallatteessuu hanga sodaatanitti geesiseera. Waajjiraaleen mootummaa baay’een koree xalayoonniifi barreeffamoonni waajjirasaaniirraa ba’an dogoggora qubeerraa bilisa ta’uu gulaalu hundeesaniiru. Waajjiraaleefi namoonni hedduun hirribaa nu dammaqsite jedhanii na jajjabeessaafi yaadaan na deeggaraa duulichatti makamaa jiru.

Duulan barreeffama dogoggora qubee qaburratti taasisaa jiruun magaalota garagaraa keessatti koreen waajjiraalee garagaraa afur irraa walitti babba’eefi barjaalee dogoggora qubee qaban funaanee akka sirratannaa taasisu hundaa’eera odeeffannoo jedhus qaba.

Biirron Aadaafi Turiizimii Oromiyaa ogessota ramadee barjaalee dogoggora qubee qaban funaansisee akka sirrataniif



## KEESSUMMAA BARIISAA

### “Afaan Oromoo erga Afaan ‘Google’ ...

irratti hojjechaa jiraachuus odeeffadheera. Barreeffamootaafi xalayaawwan dogoggora qubee qaban kan ani fuula feebuukiikoo irratti maxxansaa jiru baay’eesaanii kan hoggantoonni mootummaafi namootni dhuunfaa natti erganiidha. Kun hoggantoonni mootummaafi namoonni dhuunfaa hedduun bal’inaan duula kanatti makamuusaani agarsiisa. Duulichich Afaan Oromoo sirnaan qubeessuurratti fooyya’iinsa guddaa fidaa waan jiruuf cimnee kan itti fufu ta’a.

Biiron Barnootaa Oromiyaa duulichatti makameera. Biirichi dhimmi Afaan Oromoo sirnaan qubeessuu barattoota daa’immaniirraa eegaluu qaba jedhee qajeelcha barsiisaa qopheessee kutaa lfaa hanga 4ffaatti duula gageessaa jira. Hojii biirichi jalqabe kun Afaan Oromoo sirnaan qubeessuun bu’uurraa akka jalqabu taasisu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf jajjabeeffamuufi cimnee itti fufu qaba.

Hayyoonni yunivarsiitiwwan garagaraa hedduunis duulichatti makamanii irratti hojjechaa jiru. Yeroo ammaa qaamolee hedduun duulichatti makamaa jiraachuunsanii Afaan Oromoorratti fooyya’iinsi gaariin akka mul’atu taasisaa jira.

Waldichis dhimma kanarratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Garee hayyoota yunivarsiitiifi ogeessota seeraarraa walitti babba’an tokko hundeessee dhaabbilee ta’e jedhanii barreeffama Afaan Oromoorratti dogoggora uuman seeraan akka gaafataman taasisuun barbaachisaa ta’ee waan mul’ateef itti deema jira. Dogoggora barreeffama Afaan Oromoo kana sirreessuuf ittigaafatamummaan seeraa jiraachuu qaba.

Biiron Aadaafi Turiizimii Oromiyaa dogoggora barreeffama Afaan Oromoorratti mul’atu olaantummaan akka to’atuuf seerri Caffee mootummaa naannichaatiin mirkanaa’e ni ibsa. Barjaaleerratti Afaan Oromoo ‘font size’ meeqaan barreeffamuu akka qabu, barreeffamni sun sirriitti qubeeffamee ergaa guutuu kan dabarsu ta’uu akka qabu seerri Caffee baase ni ibsa. Barjaarratti jalqaba Afaan Oromootiin, afaan dabalataatiin barreessuun yoo barbaachise ammoo Afaan Oromoo jalatti kan barreeffamu ta’uus seerichi ifatti lafa kaa’era. Seericha kabajchiisuun ammoo gahee Biiron Aadaafi Turiizimii Oromiyaati.

**Bariisaa: Waldaan keessan hojiilee raawwachaa jiru caalaatti milkeessuuf deeggarsa akkamii barbaada?**

**Abdiisaa:** Waldichi Giddugala Qorannoo Afaaniiti. Afaan ammoo cenyummaadha. Namni Afaan hinqabne sagalee hinqabu. Namni sagalee hinqabne ammoo dhaamsa dabarfachuu hindanda’u. Eenyummaa keenya keessatti of arguudhaaf afaan keenya guddisuurratti xiyyeeffannee hojjechuu qabna. Hojiin afaan guddisuu ammoo hunda keenya ilaallata. Biiron Aadaafi Turiizimii Oromiyaafi waajjiraaleen mootummaa naannoo Oromiyaa hundi Afaan Oromoon waan hojjetaniif dhimmi guddina Afaan Oromoo isaanis ni ilaallata.

Afaan Oromoo dijitaallessuun daldaltoota Oromoo alergiifi olgalchiirratti hirmaatanis daran fayyadaa waan jiruuf bal’inaan irratti hirmaachuu qabu. Daldaltoonni Oromoo Chaayinaa dhaqanii hiika ‘Google’ Afaan



Oromoo fayyadamuun bittaaafi gurgurtaa raawwataa jiran hojii kana cimsaa itti fufaa jedhanii kan nu jajjabeessan jiru. Afaan Oromoo dijitaal’uun baankotaafi dhaabbilee daldalaa garagaraa keessattis dhimma baasaa jira. Afaan kana guddisuun damee turiizimii keessattis ta’ee guddina dinagdee biyyaa utubuu keessatti gahee guddaa qaba.

Dhaabbatiichijoojii Afaan Oromoo guddisuufi dijitaallessuu kana caalaatti milkeessuuf bajata gahaa barbaada. Kanaafuu qaamoleen mootummaa waldichaaf deeggarsa barbaachisu taasisuufii qabu. Hayyoonni ogummaasaaniitiin abbootiin qabeenyaa ammoo maallaqaan, namoonni kaan ammoo humnaafi gorsaan waldicha bira dhaabbachuu qabu.

**Bariisaa: Hanga ammaatti jechoota Afaan Oromoo meeqatu daataa beezii ‘Google’ irra gale?**

**Abdiisaa:** Afaan Oromoo qabiyyee jechootaatiin badhaadhaadha. Waldaan Afaan Afrikaa -3A jechoota Afaan Oromoo miliyoona 1.5 galchuuf karoofatee hojjechaa kan jiru yoo ta’u, hanga ammaatti jechoota kuma 300 ta’an galchineerra.

Piropoozaala biraatiin jechoota Afaan Oromoo miliyoona afurii hanga shanii daataa

beezii ‘Google’ irra galchuuf qopheeffatee hojjechaa jira. Ingiliffi jechoota miliyoona shanii daataa beezii ‘Google’ irraa qaba.

**Bariisaa: Wantoonni hojii waldichaatti gufuu ta’an yoo jiraatan?**

**Abdiisaa:** Waldichi hanqina maallaqaafi humna namaa waan qabuuf hojii Afaan Oromoo dijitaallessuu kana akkaataa barbaachisuun ademsisuurratti hanqina qaba. Waldichaaf deeggaraa kan jiru abbootii qabeenyaa muraasa. Waa’een afaanii garuu dhimma nama hundaati.

Hojii Afaan Oromoo dijitaallessuu keessatti qooda fudhachuuf Oromoo ta’uu qofti gahaadha. Yeroo dhiyoo as mootummaanis hojii waldichi raawwachaa jiru deeggaraa jira. Hayyoonni yunivarsiitiwwan adda addaa keessaa hojii Afaan Oromoo dijitaallessuu kanarratti hirmaachaa jiran tokko tokko intarneetii of danda’e dhabuunis hojii keenyarratti dhiibbaa uumaa jira. Hanqinni kun hojii guyyuu raawwataniifi gabaasa hojii irraa eeggannu akka hinarganne nutaasisaa jira.

Ani dhimma kanarratti waggoota saddeetiif hojjechaa jiras. Hojiin hanga ammaatti raawwadheen ummata Oromoo biratti beekamtii, kabajaafi jaalala guddaa argadheera. Kana caalaa waanti nama gammachiisus hinjiru.

**Bariisaa: Imalli Itoophiyaan gara dinagdee dijitaalawaatti taasisaa jirtu maal fakkaata? Gama kanaan rakkooleen mudataniifi furmaata barbaadan yoo jiraatan?**

**Abdiisaa:** Waajjiraaleen mootummaa baay’een yeroo ammaa faayiloota mana galmeewaa waajjiraalaani keessa jiran ‘scan’ gochuun gara kompiwutaraatti galchaa jiru. Adeemsi kun dijitaalaa yizeeshinii jedhama. Daataa kompiwutara irra gale yemmuu itti fayyadamuu eegallu gara dijitaalaa yizdiitti ceneerra jechuudha. Fakkeenyaaf baankonni gara sadarkaa kanatti ce’aniiru jechuu nidandeenya. Imala biyyattiin gara dijitaalaa yizeeshiniitti taasisaa jirtu hamilee kan namatti horu ta’us caalaatti milkeessuuf ogeessa gahaa barbaada.

Hojii mootummaan gama kanaan raawwataa tureen yeroo ammaa kaffaltiin bittaaafi gurgurtaa boba’aa, maallaqa waliif daddabarsuu dijitaal’era. Kun ta’uusaatiin rakkooleen maallaqaan tilmaamamuu hindanda’amne furamaniiru.

Waajjiraaleen mootummaa federaalaas bittaaafi gurgurtaa karaa ‘online’ dijitaalaa akka raawwatan ta’era. Bara dhufurraa eegalee waajjiraaleen mootummaa naannoleefi bulchiinsota magaalotaa biyyatti bittaaafi gurgurtaa karaa ‘online’ akka raawwataniif kallattiin taa’era. Adeemsi kun gaafa sirriitti lafa qabatu bajata mootummaa qisaasamarraa baraaruu guddina dinagdee biyyaa utubuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Teknolojii dijitaalawaatti fayyadamuun faayidaa guddaa akkuma qabu miidhaas waan qabuuf hubannoo hawaasni ittifayyadama teknolojiijii dijitaalawaa kanarratti qabu barsiisuufi leenjisuun gabbisuun baay’ee barbaachisaadha. Teknolojii dijitaalaa sirnaan fayyadamuun yeroofi humna namaa qusachuun tajaajila

si’ataafi haqa qabeessa ta’e kennuuf waan gargaaruuf ammayyuu hojii xiyyeeffannaa addaatiin itti adeemamuu qabuudha.

**Bariisaa: Miidhaan haleellaa saaybariitiin qaqqabaa jiru maal fakkaata? Haleellaa kana haala kamiin qolachuu dandeenay?**

**Abdiisaa:** Kun rakkoo biyyoota addunyaa guddatanis ta’ee guddinarra jiran mudatee jiruudha. Kanaan ALA hanga bara 2023tti hanna doolaara tiriliyoona 23tu raawwatame. Ummanni keenya ergaa madda hinbeekammerraa maallaqa hanganaatu siif ergame ykn siif ergama jechuun karaa miidiyaa hawaasummaa addaddaa isa ga’u utuu adda hinbaafatin qarshii gara akkaawontii nama hinbeekneetti dabarsuurraa of eeggachuu qaba. Hanni maallaqaa haala kanaan raawwatamu qaama haleellaa saaybarii keessaa isa tokkoodha.

Haleellaa saaybarii kana qolachuuf of eeggannoo cimaa taasisuun alatti humna saaybarii kana qolachuu danda’u horachuun barbaachisaadha. Miidiyaan idileefi hawaasummaa haleellaa saaybarii kana ofirraa qolachaa hubannoo hawaasaa gabbisuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu qabu. Bulchiinsi Nageenya Marsariiti Odeeffannoo Itoophiyaas hubannoo hawaasaa guddisuuf afaanota garagaraatiin barsiisuufi humna haleellaa kana biyyarraa qolachuu danda’u ijaaruu horachuu qaba.

Akkaawontiifi weessaayitii dhaabbilee garagaraa ykn nama dhuunfaa cabsuunis gocha haleellaa saaybarii keessatti ramadama. Kanaafuu keessumaa sektaroonni faaynaansii, daldalaafi miidiyaa haleelicha qolachuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu qabu. Yeroo ammaa maallaqa hanganaa argachuuf linkii kana cuqaasuun unka kana guuti ergaa jedhuun akkaawontiin namoota baay’ee hatamaa waan jiruuf namoonni linkoota amanamoo hintaane gara isaaniitti ergaman cuqaasuufi unka ergamu guutuurrara of qusachuu qabu.

Yeroo ammaa teknolojiijii wajjin fuulduratti tarkaanfachuun dirqama waan ta’ee ittifayyadama teknolojiirratti dandeeffii bu’uurraa qabaachuu qabna. Dandeeffii kana ammoo ‘Google’ fi ‘Youtube’ irraa barachuu ni dandeenya. Yeroo ammaa ‘Youtube’n Afaan Oromootiin tajaajila kennuu ykn Afaan Ingiliffaatiin jiru jalatti afaan Oromootiin barreessuu jalqabeera.

Paaswoordiin akkaawontii keenyaas jabaafi kan nuti hinirraanfanne, namoonni biroon ammoo salphaatti hintilmaamne ta’uu qaba. Kanaafis qubee, lakkoofsaafi mallattoolee gara garaa walkeessa maknee itti fayyadamuu qabna.

**Bariisaa: Dhumarratti dargaggootaaf ergaa yoo qabaatte?**

**Abdiisaa:** Dargaggoonni keenya teknolojiif xiyyeeffannoo addaa kennuufi ittifayyadamuu danda’uu qabu. Yeroo ammaa mana ofii taa’anii teknolojiidhaan hojiileen hojjetaman baay’etu jiru. Dargaggoonni keenya addunyaa waliin dorgomuuf teknolojiif xiyyeeffannoo guddaa kennuu qabu. Teknolojiitti fayyadamuun ofiifi biyya keenya jijjiiruu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf ittifayyadama teknolojiirratti dandeeffii beekumsa gahaa argachuuf carraquu qabu.



# Qarreefi Qeerroo

## “Balicha booda tarii Waaqayyoo isan miila lamaan dhabe miila tokkoon naa kennuufi, jedheen of amansiise”

- Gaazexeessituu Firehiwoot Taammiruu



### Saamraawit Girmaatiin

Jiruu keenya guyyuu keessatti waan nu mudatu hinbeeknu. Karoorfannee bakka akkanaa ga'ee, kana hojjeedheen dhufa jennee malee akkamitti akka oolluufi hojjennu waan beeknu hinqabnu. Yeroo tokko tokko akka jennetti akka yaadnetti oollee galla. Takka takkammoo faallaa yaadneeefi karoorfanne oolla.

Namni barreeffama kanaan seenaashee isiniif qooduuf jennus hojjiisheetiin tattaafattuu, karoorfannee hedduu kan qabduufi bakka hojjettutti kan dinqisiifamtu turte. Ogummaa gaazexeessummaa ijoollummaasheerraa kaastee hawwaa turte yommuu argattus dheebushee waggootaa sana garaa ga'achuuf xiiqqidhaan hojjetti. Ogummaa kana cinaattis aartii keessa seenuun diraamaawwan, beeksawwan, hojjiilee waltajjii hojjechuun moodeeliingiidhaan ogummaashee baay'ifachuu dandeesseetti.

Haaluma kanaan bara 2006 keessa guyyaa tokko Maltiimiidiyaa Saraawit Fiqree wajjin ta'uun diraamaa raadiyoo hojjechuuf tuuta diraamaa hojjetan waliin Magaalaa Adaamaadhaa subii ba'anii, gaafa Finfinnee oolanii deebi'an waan isaan hin yaadne isaan mudate.

Konkolaataan gaazexeessituu kanaafi waa'illan ishee fe'ee ture ni galagale. Namoota keessa turan keessaas miidhaan olaanaan kan irra qaqqabe haadha seenaa keenyaa kana yoo taatu, sababa balaa sanaan miila ishee mirgaa dhabuuf dirqamteetti; Gaazexeessituu Firehiwoot Taammiruu.

Firehiwoot kan dhalatte Godina Jimmaa, Magaalaa Jimmaatti yoo ta'u, barnootashee sadarkaa tokkoffaa hamma tokkos achumatti baratte. Boodarra wayita abbaashee hojjiidhaan jijjiiramani gara Godina Wallagga Lixaa, Magaalaa Gimbii deemanis isheefi maatii mara fudhatanii garasumatti imalan.

Isheenis barnootashee sadarkaa tokkoffaa hafe achitti xumurteetti. Turtii barnootashee Magaalaa Jimmaafi Gimbiittis gareewwan sarkasii manneen barnootaa keessatti hirmaachaa turteetti.

Barnoota sadarkaa lammaffaa ammoo gara Magaalaa Finfinnee dhufuun kan xumurte yoo ta'u, kolleejjii seenuunis Saayinsii Kompawutaraatiin eebbifamteetti. Aartiifi gaazexeessummaatti kan seentes yeroos ta'uudha gaafdeebii Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisseen kan ibsite. Bara 2001s bultoo dhaabachuun jireenyashee Magaalaa Adaamaa taasifamteetti.

Achittis dorgommiin miidhaginaa 'Miss Bright Millennium' jedhamu qophaa'ee kan ture yoo ta'u, isa injifachuun waggoota shaniif filatamtee, waggoota shaniif hojii tola ooltummaa hojjetaa turte. Utuma hojjechaa jirtuu OBNtti oduu Afaan Amaaraa dubbisuutiin mindeeffamtee hojjechuu eegalte.

Gaazexeessummaan abjuu ijoollummaashee



akka ta'e kan himtu gaazexeessituu kun, mana keessatti gaazexaawwan abbaashee waajjiraa fidan akka oduu dubbistuutti taatee maatiif dubbisaa turuu yaadatti. Erga gara hojichaa dhuftees leenjiiwwan gaggabaaboo ogummaashee deeggaran barachuusheellee ni kaasti.

Umurii ijoollummaatti, fagoo taa'anii ogummaa gaazexeessummaa yommuu hawwaniifi ilaalan waan salphaa fakkaatuus yommuu keessa seenan rakkolee hedduu qabaachuu kan kaastu Firehiwoot, waan baay'ee dhabuufi argachuun akkuma jirutti ta'ee garuu bu'aa hojii ofii gaafa ilaalan akka nama gammachiisu himti. Keessumaa aadaa ofii, biyya ofiifi dhimmoota garagaraa hojjechuu qofa osoo hintaane baraa waan deemamuuf akka mana barumsaattillee kan ilaalamu ta'uu dubbatti.

Isheef immoo addatti aarsaa cimaa jireenyasheeti hindaganne waan ta'eef bakka olaanaa akka qabu kaastee, balaa konkolaataa cimaa qaqqabeen miillishii akka citu murteeffamuu yaadatti. Miillishii akka hincinneef wal'aansiwwan garagaraa iddoowwan adda addaatti taasifamaniifis carraa biraa waan hinqabneef citee miila namtolcheetiin socho'aa jiraachuu dubbatti.

“Akka miillikoo citu anumatu murteesse. Keessumaa ogummaan koo odeeffannoowwan addaddaa akkan qabaadhu na taasisseera. Namoonni miidhaan irra qaqqabee kutaan qaamasaanii haa citu jedhamee didan, gaafa gara dhibee cimaatti jijjiiramee isaan ajjeesu argeera. Kana malees namoonni miidhamaa qaamaa ta'anii hojjiilee guguddoo ofirra darbee biyyasaaniif ta'ullee hojjetan jiraachuu waanin argeef murteessuuf hinrakkanne. Anarratti balaan kun qaqqabuun kaayyookorraa

boodatti nan hambisu jedheen murteesse” jetti.

Hunda caalaa garuu amantii isheen Waaqasheerratti qabdu daran ishee gargaaru kan eertu Gaazexeessituu Firehiwoot, gaafa rakkoon tokko gara jireenyasheeti dhufu amaleeffannaa “Waaqni waa malee natti hinfidne, waan karaakootiin hojjechuu barbaadetu jira” jedhu qabaachuushee ishee jabeessuun waan ta'etti Waaqa galateeffachuushee himti. Sababnisaa nama maatii qabu, haadha ijoolllee lamaa waan taateef lubbuudhaan ooluushee ijoolleeshee haadha malee guddachuurraa isaan hambisuu kaasti.

Akka isheen jettutti, miilli namtolcheedhaan bakka bu'uu danda'a; lubbuun tokkoonuu bakka buusuun waan hindanda'amneef Waaqni waan bakka bu'uu danda'uun miidhaashee isheef slphisusaatiif nigalateeffatti.

Maatiifi firoonnishee dur yeroo isheen hojiif boqonnaa dhabdee asii achi fiigdu beekan yeroo isheen akkana taatee argan daran gaddanii yommuu jecha ittiin ishee jajjabeessaniin dhabanis isheetu, “Waaqayyoo isan miila lamaan dhabe, miila tokkoon naa kennuuf yaadeetu” jettee of amansiisuurra darbee isaanillee jajjabeessaa turte.

Dhiheenya kanas viidiyoo seenaa jireenyashee ibsu daqiiqaa lamaafi sekondii 40 waraabameen dorgommii feestivaala fiilmii gabaabaa idiladdunyaa 'Focus on Ability' jedhamu, waggaa waggaa qophaa'uufi barana Awustiraaliyaatti qophaa'erratti injifachuun kan mo'atte yoo ta'u, doolara Ameerikaa kuma shaniifi carraa barnoota tolaa onlaayiniidhaan argachuusheefi badhaasashees karaa bakka bu'oota dhaabbatichaatiin dhihootti Itoophiyaatti kan fudhattu ta'uu himti.

Carraa dorgommii kanaa kan argattes kanaan dura dorgommii bara darbee sadarkaa Itoophiyaarratti qophaa'erratti hiriyaashee seenaa ishee qabatee dhihaatteen ishees keessumummaan affeeruu kaasti.

Waltajjicharratti carraan dorgommii idiladdunyaa jiraachuu hubachuufi keessumaa miidhamtoonni qaamaa hojjechuu akka danda'an agarsiisuuf yaadamee qophaa'uusaa beekuun qopheessitoota waliin walbaruushee yaadatti. Viidiyoodhuma sanaan dorgomuun fiilmiiwwan biyyoota addunyaarraa ergaman keessaa 134 calalamani hufuun kaadhimamtuu ta'uufi fiilmiinshii tokko ta'uu himti. Isa boodas torban tokkoof onlaayinii sagalee kennisiisuun shanan ciccimoo keessa seenuu danda'uushee dubbatti.

Ulaagaan fiilmichi itti madaalamu sagalee onlaayinii kenname qofa osoo hintaane, akkaataan waraabii, editiingiifi dhimmoonni biroo qabxii mataasaanii qabaachuu ibsitee, keessumaa sagalee ummanni Itoophiyaa biyya keessaafi alaa kenneefin sadarkaa kanarra qaqqabuu himti. Injifannoon kunis kan baranaa qofa osoo hintaane dhaabbatichi erga qophii

kana qopheessuu eegalee sagalee olaanaa argachuun riikardii kan qabate ta'uu eerti.

Wayita ammaa hojii gaazexeessummaa dhiisuun hojjiilee addaddaa hojjetaa kan jirtu Firehiwoot, hiriyyootumashee ishee waliin hojjetaa turan wajjin ta'uun dhaabbata maltiimiidiyaa Miiloo hundeessuun hojjiilee beeksisaa, sagantaa ayyaanaa qopheessuu, dokimantarii, waltajjii gaggeessuufi kanneen biroo Afaan Oromoofi Amaariffaan hojjetaa jiru. Dabalataanis leenjiiwwan hubannoo gabbisuurratti dhaabbata mitimootummaa tokko waliin hojjetaa jirti.

Bara 2010, yommuu hojii kana hiriyyootashee waliin eegaltu, waa'illanshee hedduun “Lakkii dhiisi akkana taatee, sitti cimaa” jechaanii akka turan yaadatee, hammam dadhabsiisaafi obsa fixachiisaa ta'ullee mindeeffamanii mindaa ji'aa eeguura muuxannoofi dandeeetti qabaniin hojii ofii hojjechuun akka nama gammachiisu himti.

“Erga hojicha eegalee kan natti ulfaate miidhama qaamaa osoo hintaane, maatii faana hojii akkanaa hojjechuun xiqqoo ni jabaata. Maatiirraa fagaatee guyyoota dheeraaf bakka biraa deemu dandeesa. Yaaddoon jira; ijoollenis si yaadne jedhanii keessakee raasu. Ta'us waan kaayyoo ta'eef cicheetuman hojjedha. Kanarratti garuu gargaarsi abbaa warraakoo olaanaadha. Gaafan hinjirre ijoolleekoo akka haadhaafi abbaatti kunuunsa. Kun anaaf hamilee guddaadha” jetti.

Fuuldurattis, hojiidhumasheeti cimtee wiirtuu miidhamtoonni qaamaa deeggarsa qaamaa namtolchee itti argatan, kan akka dhiheenya kana Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad eebbisiisan banuun ijoollen miidhaawwan addaddaatiif saaxilamanii carraa dhaban akka argatan taasisuuf yaada qabaachuu dubbatti.

Qaamni namtolcheen jiraachuun hammam akka rakkoo namaaf salphisu waan ofirraatti argiteef kana babal'isuuf of kennitee akka hojjettu dubbatti. Kana malees leenjiiwwan hubannoo cimsan bal'inaan hojjechuun dargaggootaaf muuxannoo jireenyashee qoodaa leenjisuun akka ittifuftu kaasti.

Dhumarrattis dargaggoonni wantoonni kaayyoo ofirraa duubatti nama hambisuu danda'an hedduun jiraatanis, isaaniif ijaafi gurra osoo hinkenniin jabaatanii hojjechuu akka qabaniifi, keessumaa fayyadama miidiyaa hawaasaatiin walqabatee kan fayyadu qofa fudhachuun kaayyoosaanii milkeeffachuuf tattaafachuu akka qaban dhaamti. Bu'uurri egeree kan kaa'amu umurii dargagummaatti waan ta'eef yerootti fayyadamuun dirqama jetti.

Nutis muuxannoo Gaazexeessituu Firehiwootirraa waa baay'ee barachuun milkaa'uu dhabuuf sababa kaa'uu osoo hintaane, haalli kamuu yoo namarratti dhufe cabsanii keessaa ba'anii milkaa'uu barachuu qabna jenna.



# Abbaa Sa'aa

## “Guddinni dinagdee keenya dabalaa jiraachuu ‘IMF’tu ragaa baha”

- Ministira Muumme Abiyyi Ahmad (PhD)

### Waasihun Takileetiin

Itoophiyaa keessatti warraaqsa siyaasaa ittifufiinsaan gaggeeffamaa tureen raafamni dinagdee biyyattii mudate daran olaanaa yoo ta'u, deebisanii bayyanachiisuuf dhamaatee guddaa kan gaafatu ture.

Siyaasni biyyattii tasgabbaa'ee mootummaa jijjiiramaatiin tarkaanfileen dinagdee golgolaa'e deebisaanii bayyanachiisuu fudhatamaa turan hedduu ta'anis qormaatilee gara garaan kan marfamte waan turteef dinagdeen biyyattii ni cima jedhamee kan yaadamu hinturre.

Haata'utii mootummaan jijjiiramaa gara aangootti dhufe toora xiyyeeffannoo dinagdee biyyattii raafama siyaasaan laamsha'ee ture bakkatti deebisuuf kallattii kaa'ee hojiitti bobbahuusaatiin qormaatilee hadhaa'oo keessa taa'uun jijjiiramoonni jajjabeessoon galmaa'aniiru.

Keessumaa Itoophiyaan qoraamtilee kanneen akka waraanaa, koronaa, qaala'insa jireenyaa, balaa uumamaa hongee keessa taatee dinagdeen dabaltee argamuunshee kan nama jajjabeessuudha jedhu Ministirri Muumme Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad.

Doktor Abiyyi gaaffii Kibxata darbe miseensota Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataarraa dhiyaataniif deebii kennaniin Itoophiyaan qormaatawwan gara garaatiin marfamtee guddinni dinagdeeshii dachaan dabaluu kaasaniiiru.

Kun bu'aa gama misooma qonnaan xiyyeeffannoo kennamee irratti hojjetamaa ture yoo ta'u, wayita isaan gara aangootti dhufan guddinni dinagdee biyyattii doolaara biliyoona 84 ture amma gara biliyoona 164tti ol guddachuu eeraniiru.

Daataan kun mootummaa Itoophiyaan kan ibsame osoo hintaane gabaasa 'IMF' baaseen kan ragga'cedha. Kanarraa kan ka'e Itoophiyaan biyyoota guddinarra jiran keessaa ishee dursaa jirtudha jechuun nidanda'ama.

Oomishaafi oomishumman keenya dachaan akka dabaluuftoorri xiyyeeffannoo misooma qonnaaf kenname gama indastiriifis kennamuu akka qabu kallattii kaa'aniiru.

Itoophiyaan qabeenya uumamaasheetti haalaan fayyadamnaan yeroon hudhaan dinagdeeshii itti hiikamu fagoo hinta'u jedhaniiru.

Misooma naannawaa lageenii, magaalaa Finfinnee akka maqaashii iftee akka mul'attu wiirtuu hawwata turistii akka taatuuf hojiin eegalame jajjabeessaa ta'uullee kaasanii, waggoota 10 keessatti bu'aansaa mul'achuuf akka jiru ibsaniiru.

Baankiin biyyoolessaa rifoormii haaraa gaggeessaa jira rifoormichi tajaajila liqaa dhaabbilee dhuunfaaf kan mijeeessu warraaqsa dinagdeefis haala kan mijeeessu ta'uus himaniiru. Gama omishaafi omishummaa bunaan walqabatees rakkoo daldaltooni seeraan alaa uumaniin gabaan bunaa rakkoo keessa seeneera.

Dhimmi kun xiyyeeffannoo kan barbaadu



waan ta'eef irratti hojjetamuu qaba. Bunni dinagdee biyyaa caalaatti jabeessuu keessatti bakka olaanaa waan qabuuf alseerotaan sakaalamee galii biyyaa maseensaa jira.

Kun furmaata waaraa akka argatuuf oomishtootatti gadi bu'anii hojjechuun hordoffiifi deeggarsa barbaachisu taasisuun dhimmoota ijoo dagatamuu hinqabneedha.

Oomishtoota caalaa oomisha bunaarraa fayyadamaa kan jiru daldaltoota seeraan alaa ta'uu yeroorraa yerootti komiin ka'aa tureera. Keessumattuu daldaltooni seeraan alaa galii argatan malee rakkoo qulqullinaa mudatuuf xiyyeeffannoo kennanii hinbeekan.

Kunimmoo fedhii gabaan buna Itoophiyaa barbaadanii akka gadi bu'u kan taasisuufi daldaltoota ulaagaa guutanii hojjetan gaba keessaa kan baasu waan ta'eef dhimma salphaatti ilaalamu ta'uu hinqabu jedhu.

Dinagdeen biyya keenyaa akka dabaluuftoorri cichinee hammuma hojjennu daldaltooni seeraan alaammoo faallaa kanaa shira gabaarratti hojjetaniin dameen alergii bunaa keenya keessumattuu galiin akka yaadame ta'uurratti hanqinooni mul'atan jiru.

Sharafa alaa guddisuuf hojiilee misoomaa gara garaa hojjetamanirraa bara 2014 keessatti seenaa addaatu hojjetame jechuun nidanda'ama. Ta'us gahaa akka hintaane ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti bara baajataa 2013 sharafa alaarraa galiin doolaara biliyoona 21.9 kan argame yoo ta'u, bara 2014 ammoo doolaarri biliyoona 23.7 galmaa'eera. Kunis gahaadha jedhamee hintaa'amu kan jedhan Doktor Abiyyi, toorri xiyyeeffannoo taa'ee irratti hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Baranas hudhaalee damee sharafa alaafi dinagdee biyyattii qoran adda baasuun irratti hojjechuun sharafa alaarraa doolaara biliyoona 25 ol argamsiisuuf hojjetamaa jira.

Itoophiyaa keessatti bara itti sharafa alaa argannee beeknu hinjiru kan jedhan

Doktor Abiyyi tarkaanfileen bara 2013/14 fudhataman jajjabeessaa ta'uurrara kan ka'e gama sharafa alaan Itoophiyaatti seenaan addaa galmaahuu yaadachiisaniiru.

Galiin keenya yeroorraa yerootti dachaan dabalaa deemuun idaa biyyattii maalirra akka oole hinbeekamneefi gangalatee achii as gahe hir'isuuf kan gargaarudha.

Qaala'iinsi jireenyaa waggoota 40 keessatti addunyaa mudatee hinbeeknetu mudate, kanaan walqabatee dinagdeen keenya qormaata keessa tureera, ta'us kutannaan hojjennee gabaas tasgabbeessuuf warraaqsi dinagdee cimuu qaba jedhaniiru.

Dinagdee biyyattii rakkoolee uumamaafi namtolcheen qoramaa jiru bakkatti deebisuuf kallattiin xiyyeeffannoo taa'ee irratti hojjetame jajjabeessaa ta'uu kan kaasan Doktor Abiyyi, tarkaanfiwwan Itoophiyaan haa oomishu jedhuun fooyya'iinsi olaanaan galmaa'aa jiraachuu dubbataniiru.

Kana boodas misooma qonnaa kilaastaraan eegallee bu'aa gaarii argamsiisaa jirru kana gama warshaaleen, indastriiwwaniinis ijaarara kilaastaraa kana hojiirra oolchuun dinagdee biyyaa fooyyessuun barbaachisaa ta'uu kaasu.

Keessumattuu warshaalee jiranirratti hojjechuun kallattii ijoo xiyyeeffannoo barbaaduudha. Gama sassaabbii galiitiinis tarkaanfiin fudhatamaa jiru cimaadha jedhani ammallee irratti hojjetamnaan jijjiiramoonni olaanaan ni argamu.

Gama biraan walwaraansi akka biyyaatti mudataa ture ammas kutaalee biyyattii gara garaatti qaqqabaa jiru hawaasummaarraa, dinagdeefi siyaasa biyyaarras miidhaa kan geessisuudha. Kunis tokko tokkoon rasaasaa dhuka'u doolaara.

Falmiin keenya doolaara rasaasaaf baasuun osoo hintaane caalmaa yaadaan ta'uu mala kan jedhan Doktor Abiyyi, walwaraansa dhiisuun nagaan waldhabdee furuun egeree biyyaaf

fala murteessaa ta'uus hubachiisaniiru.

Walwaraansi qormaata dinagdee biyyattii booddeetti harkisaa jiru keessaa isa tokko ta'uu eeranii, mariidhaan rakkoo ofii furanii dhaloota egereef biyya badhaate olkaa'uun dirqama jedhu.

Gama balbala galaanaa qabaachuun walqabatees ilaalchi namootaa garaa gara ta'uu akka hinqabne himanii, akka fakkeenyaatti galaana diimaa addunyaan irratti walnyaatu maalifi, isa jedhu beekuun barbaachisaa ta'uu kaasaniiiru. Balballi galaanaa biyyaaf murteessaa yoo ta'u, waraana kaasnee kan dhuunfannu osoo hintaane dippilomaasiin kan dhugoomuudha jedhan.

Ga'umsi dippilomaasii BRICSti Itoophiyaa make balbala galaanaa argachuufis kan isa danqu waan hinjirreef miira dippilomaasiin ilaaluuun barbaachisaadha.

Itoophiyaan balbala galaanaa argachuuf waraana banuuf karoora hinqabdu. Ta'us argachuunshee waan ishee fayyaduuf karaa saayinsawaan furmaata akka argatu carraaqqiin barbaachisu taasifamaa jira. Kanaafuu warri miira waraanaa odeessan keessaa bahuu qabu.

“Mul'anni keenya biyya badhaate dhaloota egereef dabarsuudha. Kana milkeessuuf hojiitti jirra” kan jedhan Doktor Abiyyi, misoomni bosonaa gama kanaan shoora olaanaa kan taphatu ta'uu eeran.

Akka ibsasaaniitti; misoomni bosonaa naannawa lageenii hojiitti jiramu wiirtuu hawwata turiizimii akka ta'uu ittiyaadamee hojjetamaa jira.

Keessumaa pirojektiin bosonaa Finfinnee bifa adda ta'een hojjetamaa jiraachuullee ibsani, waggoota kudhan hinguunne keessatti xumuramuun milkaa'ina godhatu jedhan.

Pirojektoonni qabamanii eegalaman hedduunsanii yeroo qabameefii keessatti qulqullinaan xumuramaa kan jiran yoo ta'u, kunis xiyyeeffannoon kennameefii hordoffiifi deeggarsa walirraa hincinnee gaggeeffamaa kan jirudha.

Walumaagalatti Itoophiyaan biyya qormaatawwan gara garaan marfamtee jirtu taatee rakkinaaf harka osoo hinlaatiin guddina dinagdee dachaan dabalaa biyyoota guddinarra jiraniifi milkaa'ina gaariirra jiran keessaa ishee tokko yoo taatu, yeroo ammaattis kan facaaste haamaa kan qotame facaasaa omishaafi omishummaashii dabalaa jirti.

Warraaqsa dinagdee qabamee ka'e kana dhugoomsuun badhaadhinashii mirkanessuuf ittifayyadamni makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa babal'achuun, aadaan jallisi gabbachuun, misoomni kilaastaraa dachaan dabaluu, oomishaafi oomishummaan keenya qamadiin alatti buna, damma, avookaadoofi ruuziin daran cimee wabii midhaan nyaataatiin of danda'uurrara dabarree sharafa alaa argamsiisuuf waliin hojjechuun murteessaadha.



# Ilaamee...

## Haasaa Ministira Muummee paarlaamaa keessaa dhimmoota guguddoo

### Bayyanaa Ibraahimiin

Ministirri Muummee Itoophiyaa Kibxata darbe gaaffii miseensonni Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataa haasaa Pirezidaanti Saahilawarqi Zawudee yaa'ii baniinsa manneen marii lamaanirratti taasisanirratti hundaa'uun dhiyeessaniifi deebiifi yaada bal'aa kan kennan yoo ta'u, nutis kan isaan damee siyaasaafi nageenyaarratti kennan akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Rakkooleen nageenyaan walqabataniifi yeroo ammaa akka biyyaatti mul'ataa jiran kan har'a uumaman osoo hin taane, maddi rakkoolee kanneenii irra jireessaan kanneen sirnoota tanaan dura turaniin furamuu dadhabanii lafarra gangalachuudhaan har'a gahaniidha.

Kana waan ta'eef dhimmoota kanneen sirnaan hubachuu baannaan rakkoolee kanneeniif furmaata kaa'uudhaaf nirakkanna.

Rakkoolee kanneen qixa tokkoon hubachuu yoo dandeenye immoo karaan ittiin rakkoo sana furuudhaaf adeemnu garaagarummaa qabaatus kaayyoo tokkoof innis rakkoo sana hundeerree furuuf kan nama dandeessisurratti furmaata waaraatiif waliin hojjachuudha.

Rakkoolee kanneen irratti waliif hin gallu taanaan garuu, karaan ittiin furamuu danda'u kan fedhes yoo ta'e hojii bu'a qabeessa ta'e raawwachuudhaaf kan nama rakkisuudha.

Yeroo ammaa haala hubannaa rakkooleerratti biyya kanatti calaqqisu yemmuu ilaallu dhugummaa caalaa miiraan kan hafarfamaniidha. Haalli hubannaa rakkoolee miiraan guutamani kun immoo lammiilee biyyattii hunda kan wali galchu waan hintaaneeff furmaata waaraas fiduuf kan nama rakkisuudha.

Sababnisaa miiraan dubbachuuniifi miiraan waa qeequun dhugaa lafa jiru akka sirnaan hinhubanneefi furmaata sirrii fiduuf akka hindandeenye gufuu kan namatti ta'uudha. Rakkoo biraan hubannaa dhimmoota siyaasaa biyyattiin walqabatee jiru xiinxala shiraati.

Xiinxalli shiraa kun haqa lafa jiru ija dunuufatanii bira darbuudhaan kallattii hin yaadamnetti geessuuf xiinxala shiraa kennuudha.

Kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u, ijaarsi hidha haaromsaa Itoophiyaaf humna elektirikii gahaa kennuuf akka gargaaru xiinxala kennuu dhiisanii, akka waan Itoophiyaan biyyoota ollaa kanneen biraa miidhuuf ijaaraa jirtuutti xiinxalli xiinxalamu xiinxala shiraati.

Ulaa galaanaa Itoophiyaan ni barbaaddi yemmuu jedhamu, "waraana banuun biyyoota biraa miidhuudhaaf yaaddeetti ilaalcha jedhuun xiinxalli kennamus xiinxala shiraati. Xiinxaltoonni akkanaa dhimmicha akka sirnaan hinhubanne kan nama taasisan qofa osoo hintaanee, dhugaarraa kan fagaataniidhas.

Kanaafuu dhimmoota akkanaarratti hubannoon walfakkaataan yoo hinjiraanne, furmaata waaraa kaa'uuuf kan nama rakkisaniidha.

Mootummaa Badhaadhinaan hogganamuun walqabatee waggoota shanan darbaaniif ololaafi himannaa hedduu dhagahaa turreerra. Kana keessaa qaamootni tokko



Suurri: Iyyoob Tafaritiin

tokko, badhaadhinni Dargiidha, sirna dargii deebisuuf hojjachaa jira yemmuu jadhan, qaamotni tokko tokko immoo badhaadhinni Shaneedha nuun jechaa turan.

Kana qofa osoo hintaanee, qaamotni sirni amma jiru badhaadhinni sirna mootummaa Gonfoo deebisuuf hojjachaa jira jedhanis jiru.

Dhugaan jiru garuu, badhaadhinni yeroo tokkotti qaamota armaan olitti ibsamane kanneen ta'uu hindanda'u. Maqaballeessii akkanaa kan wallaalummaadhaan hubataman qofa osoo hintaanee, kanneen osoo beekannu shiraaf ittifayyadaman akka jiranis ni beekama.

Maqaaleen daabboo kunniin hundi badhaadhina hinibsani. Nuti akka badhaadhinaatti yaadamoota fiixee gamaan gamasii irra ijataniin butamnee meeshaa finxaaleeyyii kamuu hintaanu. Finxaaleeyyiin kallattii kibbaatiin jiran fedhasaanii raawwachiisuufi maqaa balleessiif badhaadhinni mootummaa gonfooti nuun jedhus, finxaaleeyyiin kallattii kaabaatiin jiran immoo fedhii siyaasasaanii galmaan gahachuuf badhaadhinni mootummaa Dargiiti nuun jedhanis nuti lachuu miti.

Dhimmoonni shiraa akkanaa kunniin immoo rakkoo waloo biyyoolessaarrattis waliin mari'atani furmaata waliinii akka hinfidneef gufuu kan ta'aniidha. Nuti akka Paartii Badhaadhinaatti ilaalchi keenya ilaalcha biyyoolessaati. Itoophiyaan biyya lammiileen fiixee kaabaa hanga kibbaatti, baha hanga dhihaatti keessa jiraataniidha.

Kan sabaafi sablamootni akkasumas ummatootni hundi qixa keessatti kabajaa itti argatu, amantiin hundi kabaja qixaa keessatti argatu, afaaniifi aadaan hundaa qixa keessatti kabajamu akka taatuuf hojjachuun kaayyoo guddaa paartichaati.

Waraana qabbanaa'aa booda biyyoota Addunyaarra jiran kamittuu qaamni

hidhannoodhaan mootummaa jiru fonqolchee humnaan biyya bulchuu danda'e tokkos hin jiru. Warrootni amma bitaaf mirgaan humnaan aangoo qabachuuf socho'an seenaa kana waan beekan natti hin fakkaatu.

Qaala'iinsi jireenyaa dhiibbaa lammiilee galii gadaanaarraan ga'uu hir'isuuf hojjiileen garaagaraa hojjetamaa kan jiran yemmuu ta'an, rakkoon qaala'iinsa jireenyaatiin walqabatani mul'achaa jiran garuu kan Itoophiyaa keessatti mul'atu osoo hin taane, rakkoo Addunyaa guutuu yaaddeessaa jiruudha.

Itoophiyaatti qaala'iinsi gatii kanaan duraa %37 ta'uu yaadachiisaanii, barana baatii Fulbaanaatti gara %28tti gadi hir'achuusaa ministirri muummeen ibsaniiru.

Hojii gabaa tasgabbeessuuf xiyyeeffannoo olaanaadhaan hojjatamaa jiraniin waggoota dhufan keessaas caalaatti akka gadi hir'atu kan eegamu yemmuu ta'u, omisha biyya keessaa guddisuudhaan fedhiif dhiheessiin jiru akka walsimuufis hojiin hojjatamaa jiru salphaa miti.

Qaala'iinsi, lammiilee galii gadaanaa argatanirraan dhiibbaa geessisu hir'isuuf hojjiileen garaagaraa hojjetamaa jiraachuu kan akeekan Doktor Abiyyi, oomishaafi omishtummaa fooyyessuu, hojiin lammiilee harka qal'eeyyii deeggarsaan akka nyaata argatan taasisuu fa'iin hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Kana malees giddugaloota gabaa Dilbataa hojiin babal'isuu gaggeeffamaa jira fuuldurattis rakkoo mana kiraa magaalotatti mul'atu seeraan qajeelchuun kan hojjetamu ta'uu dubbataniiru.

Gama biraatiin, bara bajataa kana lammiilee miiliyoona 3.9f carraa hojii uumuuf karoofamuu himanii, hanga ammaattis lammiileen walakkaa miiliyoona ta'aniif carraan hojii uumamuu kaasaniiru.

Dabalataanis, lammiileen kuma 100 ol carraa

hojii biyya alaa akka argatan taasifamuunis hojii akka fakkeenyaatti kaa'uu danda'uudha.

Ministirri Muummee Doktor Abiyyi gochaa hanna ilaalchisuun ibsa kennaniin hanni rakkoo walxaxaa ta'uurraan qabsoo ijibbaachisaa akka gaafatu ta'uu himanii, Aadaa hanna balfu ijaaruun barbaachisaa ta'uu jala sararaniiru.

Kanaan cinatti immoo hojmaatota hannaaf saaxilamoo ta'an adda baasuudhaan gara hojmaata dijitaalawaatti akka galaniif bu'uraalee misoomaa dijitaalaa babal'isuu akka barbaachisu himaniiru.

Gama kanaan galii walitti qabuu dabalatee tajaajiloota 190 ta'an yeroo gabaabaa keessatti gara dijitaallessuutti akka galan taasifamuun danda'amuun hojii jajjabeeffamuu qabuudha. Ta'us, gocha hannarratti qabsaa'uun daran cimtee akka ittifufuu qabu akeekaniiru.

Waggoota muraasa dhufan idaan Itoophiyaa %10 gadi akka ta'u eegama kan jedhan Doktor Abiyyi Ahmad, dhimma diinagdeerratti haasaa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataaf taasisaniin, dameen faayinaansiin dhaabbileen tajaajila faayinaansii 100 ol biyyattii keessa akka jiran himaniiru.

Baankiiwwan daldalaa 31, dhaabbileen maayikiroo faayinaansii 49, dhaabbilee tajaajila kaffaltii jaha, dhaabbilee galii meeshalee kaappitaalaa jaha, dhaabbileen tajaajila 'mobaayil waaleeti' kennan jaha kan jiran yemmuu ta'u, akkuma dhaabbileen faayinaansii babal'achaa deemaniin dandeettiin to'annoo mootummaas dabalaa deemuu waan gaafatuuf hojiiwwan riifoormii garaagaraa Baankii Biyyaalessaarratti taasifamu kaasaniiru.

Seektarri faayinaansii waggoota shanan darban giddugaleessaan dhibbantaa 20 guddachaa kan dhufan yemmuu ta'u, gama tajaajila liqiiin hammi liqii sadarkaa olaanaa guddachaa jira.

Akka fakkeenyaatti bara darbe qofa qarshii biiliyoona 547 liqiiif ooluu yaadachiisanii, kana keessaa dhibbantaa 86 damee dhuunfaaf kan kennameedha. Kana keessaa qonnaan bultootaaf kan dhiyaate dhibbantaa 15n guddina argisiiseera.

Ta'us, qusannaan guddina argisiisuu eeranii, ammas hamma liqii kana gara qarshii tiriliyoona 2.6tti guddisuuf karoofamee hojjatamaa jira.

Idaan waliigalaa Itoophiyaa kan biyya keessaa dabalatee dhibbantaa 31tti kan dhiyaatuufi kan biyya alaa ammoo gara dhibbantaa 14.8n kan guddate yemmuu ta'u, waggoota muraasa dhufanitti dhibbantaa 10 gadi akka ta'utu eegama.

Daldala bunaan walqabatees ibsa kennaniin, damichi sirna daldalaa ga'umsa qabu ta'uufi tilmaama gatiif kan hinrakkifne ta'uu himanii, rakkoon jiru kan qaamolee monopoliidhaan/fuunnaan/ daldalaa damicha to'ataniin kan uumamu ta'uu kaasaniiru.

Kana furuuf tarkaanfilee fudhatamaniin qonnaan bultoonni waldaan gurmaa'anii alatti erguu akka danda'an kan taasifame yemmuu ta'u, kunis qonnaan bultoonni galii olaanaa akka argatan kan taasisu waan ta'eef, adeemsi kun akka hinbadne hunduu waan qoodasaa hojjechuu akka gaafatu ibsaniiru.



# AADAIFI AARTII

## Qabeenyawwan aadaafi duudhaalee Saba Sidaamaa keessaa

### Charinnat Hundeessaatiin

Agarsiisni turizimiifi keessummeessaa (hospitaaliiti) biyyaalessaa Fulbaana 29 irraa kaasee ji'a tokkoof Finfinnee, Godambaa Saayinsiitti adeemsifamaa torbee darbe goolabameera.

Akka ragaan Ministeera Turizimiirraa argame mul'isutti, agarsiisicharratti naannoleefi bulchiinsonni magaalaa Itoophiyaa hundi hambaalee, aadaa buleessa, haala teessuma lafaa miidhagaa, duudhaalee aadaafi qabeenya uumamaa hawwata turistii ta'an qabatanii dhiyaachuun namoota kuma 154fi 799 qaamaan, miliyoona sagalii ol ammoo karaa miidiyaalee idileefi hawaasummaa daaw'achiifaniiru.

Nutis bakkichatti argamnee naannolee tokko tokko keessumaa kanneen dhiyeenya hundaa'an carraa kanatti fayyadamuun maal qabatanii akka dhufanirratti xiyyeeffachuun maxxansa kanaan waan daaw'achiistuun Naannoo Sidaamaa, Qiddisti Ambaayee (Biiroo Aadaafi Turizimii Naannicharraa) haala nama hawwatuun nutti himte isin dubbisiisna.

Durse, 'daa'ee bushu', Sidaamiffaan ana haa dhufu jechuudha. Aadaan sabni Sidaamaa ittiin nagaan walgaafatuufi jaalala waliifi saboota kaaniif qaban ibsaniiniidha.

### Sidaamaa/Hawaasaa

Sidaamaan naannoo qabeenyawwan uumamaa, seenaafi aadaa akkasumas iddoowwan hawwata turistii baay'ee qabaachuudhaan beekama. Magaalaa guddoon naannichaa, Hawaasaan Fifinneeeraa kiiloo meetira 175 fagaatee argamti.

Imala Finfinneeeraa gara Hawaasaatti taasifamuuf xiyyaara daqiiqaa 35 qofa balali'ee achiin nama gahu, akkasumas konkolaataadhaan hanga sa'aatii 3:30 qofa fudhatu fayyadamuun ni danda'ama.

Magaalattiin hoteelota adiladdunyaa sadarkaasaanii eeggataniifi rezoortiiwwaniin kan badhaateedha. Nama haroo Hawaasaarratti bashannanu barbaaduuf ammoo tajaajilli bidiruu (boot trip) qoppiidha. Keessumaa kun kan qalbii turistoota biyya keessaafi alaa bal'inaan hawwatuudha. Bakka Amooraa Gadal jedhamee beekamuttis gabaa qurxummii guddaatu argama. Qarqara Haroo Hawaasaatti qurxummii dheedhiin ni nyaatama. Kunis dhimma qalbii turistootaa daran hawwatuudha. Baay'onnis itti bashannanu. Waaddiin qurxummiis jira.

### Wandoo

Oggaa Hawaasaadhaa baanus iddoowwan miidhaginaafi hawwattummaasaaniitiin



Qiddisti Ambaayee

laphee namaa booji'an baay'eetu jiru. Kanneenis bashannanaaf kan oolaniidha. Kolleejiin Bosonaa Wandoo umrii dheeraa qabus naannichatti argama. Kolleejicha keessa mukeen gara garaa, simbirroonni mimmiidhagoonis ni argamu. Masaraan Mootii Hayilasillaaseefi meeshaaleen isaan ittifayyadamaa turanis ni argamu. Riizoortiin achis jira. Muduraawwan adda addaas bal'inaan jiru.

### Yirgaalamiifi naannawashii

Bakka kanatti loojiin Araggash ni argama. Manneen loojichatti argaman hundi sheekkaa ykn shimalaan ijaaraman. Naannawichi daran magariisaafi bosonaawaadha. Naannawichatti omisha uumamaa (organic) ta'etu keessummootaafi dhiyaata. Bunni manduubeedhaa funaanameetu kan danfifamu. Bunni ibidda ho'ifachaa alatti waan danfifamuuf keessummoota bashannansiisuu keessatti iddoo guddaa qaba. Yeroo sanatti waraabessoonni bosona keessaa yaa'u. Bishaan ho'aanis jira.

### Aanaa Abboo Wonshoo

Bakka kana ammoo sirna Sidaamaa 'affinii' jedhamutu jira. Affiniin bakka sirni jaarsummaa aadaa itti raawwatamuudha. Abbootiin Sidaamaa afarsaataa taa'anii sirna jaarsummaa kana raawwatu. Sirni kun har'umayyuu jira. Dhaddacha Dilbata Dilbata taa'amus qaba.

Kan haqa dhabeefi dheebote achi dhaqee dhimmasaa jaarsummaa aadaatiin ilaalchifata. Haqasaa akka argatus taasifama. Abbootii sirna kana raawwataniif waanti kaffalamu hinjiru. Toluma tajaajilu. Sidaamaan dhugaatti amana. Dhugaan ammoo Waaqa. Abbootiin durii Waaqaaf jecha murtii haqaqabeessa kennu.

Abbootiin oggaa sirna kana raawwatan waanti naqaashiin ykn ragaan haa dhiyaatu jedhamu

hinjiru. Bakkichi iddoo daran kabajameedha. Inni miidhame dhiyaatee maaltu akka irra gahe abbootiitti himata. Bakka kanatti waan raawwatan haaluun hindanda'amu. Sammuutu murtii kenna.

Naqaashiin hinwaamamu. Bakka kana dhugaatu jira. Daba ykn hammeenya raawwatee yoo haale ykn gane abaarsa natti ta'a, sanyii kootu dhuma, anis nan bada jedhee waan yaaduuf namni haaluu hindanda'u.

Erga murtiin kennamee booda tarii kan wallolan hiriyoota ta'uu danda'u, maallaqa ykn waan fudhate sana deebisee qofa miti kan dhiifamu. Jireenyasaa duraatti akka deebi'u taasifama. Yoo hiriyoota ta'an deebi'ee akka ittifufu taasaniis ararsuuni kan gaggeessan.

### Paarkii Biyyaalessaa Lookaa Abbayyaa

Naannichatti Paarkii Biyyaalessaa Lookaa Abbayyaa jedhamus jira. paarkicha keessatti simbirroonni adda addaa ni argamu. Haalli ijaarsa mana godoo adda ta'es jira. Manneen godoo kan hojjetaman shimala qofarraayyi. Qinaaxxiinsaas shimalumarraa hojjetama. Manneen kunniin daran miidhagoofi hawwatoodha. Naannichi bonas gannas magariisa.

Sidaamaan omisha bunaatiinis kan beekameedha. Fiichee Cambalaalaan (jijjiirraan bara haaraa) Yuneskootti galmaa'es naannichatti argama. Ayyaanichi taphoota adda addaatiin waa'elchamee kan kabajamuudha. Taphichi Qeexaalaa jedhama. Ayyaanichi hurufa Guduumaalee jedhamutti sirna ho'aadhaan kabajama.

Dura bu'aan biyyaa, keessummaa guddaafi kabajamaan gara Naannoo Sidaamaa dhufe tapha Qeexaalaatiin simatama. Nyaanni aadaa jaalatamaafi ajaa'ibaa bursaamee jedhamuufi warqeeraa dhadhaadhaan sukkuumamee qophaa'us jira. Nyaatiwwan biroon warqeefi midhaanota akaakuuwwan adda addaarraa hojjetamanis jira. Aannan qodaa elemtuu jedhamuun dhiyaatus jira.

Faayiwwan dubartoonni Sidaamaa ittiin of miidhagsan gara garaas jiru. Kanneen keessaas bitawoon, gumeen, faayi mormatti keewwatamu muraasa. Faachi oggaa dirree waraanaa deemamee gootummaan deebi'amu kennamus jira.

Akka barsiifata duriitti kennaan nama adamoo dhaqee mirgaan galu kennamus jira. Goonni qerransaafi leencafaa ajjeeses waan ittiin faayamu qaba. Gaachanni gogaa roobiirraa hojjetames meeshaalee aadaa sabichaa keessatti eeramu.

Akka waliigalaatti, agarsiisichaan sirriitti of beeksisneerra, kan warra kaaniis barreerra kan jettu Qiddisti, agarsiisichi keessumaa

naannolee dhiyeenya hundaa'aniif carraa gaarii ta'uu eerteetti.

"Sidaamaan naannoo haaraa waan ta'eef carraan akkanaa uumamuun caalaatti akka of beeksisnuuf nu fayyadeera. Oggaa of beeksisnu namoonni tokko tokko Sidaamaa keessa waanti akkanaa jiraa, naannichatti waanti akkanaa ni raawwatamaa jedhu. Namoonni Fiichee Cambalaalaan maal akka ta'e hinbeeknes, nyaanni aadaa Sidaamaa kanaa jedhan nu mudataniiru.

"Dhugaa dubbachuuf turtii ji'a tokkootiin sirriitti of beeksisneerra. Kanas duubdeebii nuu kennamerra, fedhii daaw'attoonni oggaan waa'ee naannicharratti ibsa kennu agarsiisaniifi kkf irraa hubadheera.

"Naannoleefi qaamolee kaan agarsiisicharratti hirmaatan wajjin sirriitti walbarreerra, walittihidhamiinsa uummanneerra, hambaaleefi duudhaaleen naannolee kaan ibsan maal akka fakkaatan ilaaleera. Kanarraa ka'ees qabeenyi aadaa kun kan ebeluuti, kun ammoo kan isa kanaati akkan jedhu na taasiseera.

"Kana malees gareen naannoo tokkoo kan isa kaanii naannofnee daaw'anneerra; bilbilas waljijjiirreerra. Qabeenya aadaa qaban, mi'oota aadaa ittifayyadaman, sirriitti beekneerra. Hariiroon keenya kan yeroo hundaa ta'uu qaba jennee teessoo waljijjiirreerra. Garee telegiraamiis uummanneerra. Walumaagalatti yeroo gaarii dabarsine.

"Qophiin akkanaa wayitiisaa eeggatee ittifufiinsa otoo adeemsifamee gaariidha. Namni Hawaasaa ilaaluu hindandeenyellee fakkiwwan viidiyoo qopheessine ilaaluufi ibsa kenninuun xiqqaatus waa'ee Sidaamaa beeksisuu dandeenya.

"Waanti qabannee dhufne hanga tokko nu ibsu. Otoo sirratee kaniin jedhu oggaa agarsiisonni akkanaa qophaa'an namni dhufee akka daaw'atuudha. Oggaa ji'a tokko as turretti guyyaa tokkollee miirri dadhabbi nutti dhaga'amee hinbeeku. Ganama sa'aatii 2:00tti nama lama taanee dhufnee galgala sa'aatii 12:00tti baana. Simannaan namaas gaarii waan ta'eef duubdeebii waan argannuuf dadhabbiin nutti hindhaga'amne. Kana boodas waggaa eegee otoo hintaane yeroo sanaa gadiitti waltajjiin akkanaa itti of beeksisnuufi gurgurru dhaabbiidhaan jiraachuu qaba.

"Agarsiisa kaka'umsa Ministira Muummeefi Ministeera Turizimiitiin qophaa'e kanaan akkuma irrannatti ibsuuf yaale sirriitti of beeksisneerra. Aanaaleefi godinaaleen darbees naannoleen waltajji akkanaa otoo nuu qopheessanii jennee dudubbachaa jirra" jetteetti.

## Yunivarsiitiwwan ...

Haramaayaa, Gaambeellaa, Arbaamiinciifi Kotobee yaada kaleessa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin haalduree baruu barsiisuuf barbaachisan hunda xumuranii barattoota simachuuf qophiirra jiraachuu ibsaniiru.

Yunivarsiitiin Haramaayaa bakka ciisichaa, daree barnootaafi meeshaalee baruu barsiisuuf oolan hunda qopheessee barattoota simachuuf qophii xumuruu Daarektarii Quunnamtii Ummataafi Hariiroo Addunyaa yunivartichaa Obbo Alamisheet Tashoomaa ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, barattoota fedhii addaa qabaniifis akaakuuwwan barnootaa hundaan barruulee qopheessuun ala manni kitaabaa

meeshaalee dubbisuu dandeessisan waliin haalli mijateeraaf.

Ramaddiin kutaa ciisichaa (doonmii) fedhii addaa bu'uureffate akkasumas, meeshaaleen bakka bakkatti socho'uuf isaan dandeessisanis mijataniiru. Deggersa maallaqaas barattoota kunneeniif taasisuuf qophiin taasifameera. Hawaasni naannawichaas akkuma kanaan dura taasisaa ture barattoota kanneen haala ho'aan akka simatu ni taasifama jedhan.

Pirezidaantii Ittaanaan Qorannoo Barnootaa, Ce'umsa Teknolojiifi Tajaajila Hawaasummaa Yunivarsiitii Gaambeellaa Doktor Paal Poot gamasaaniin, tajaajilli bakka ciisichaa, daree barnootaa, kaafteeriyaaifi nyaatni barattootaa qophaa'ee hanga barattoota kuma tokkoofi

400 simachuuf sochiirra jiraachuu ibsaniiru.

Barattoonni fedhii addaa qaban yoo yunivarsiitiisaaniitti ramadaman deggersa barbaachisuu dhiyeessuuf dhaabbilee mitmootummaa sadii waliin waliigalteen mallatteeffamuus himaniiru.

Galteewwan barbaachisoo guutuun ala gurmaa'insa barattootaa sadarkaa adda addaa jiran walta'uun barattoota haaraa simachuuf qophii xumuruu kan ibsan ammoo Pirezidaantii Yunivarsiitii Arabaaminci Doktor Daamxoo Daarzaa yommuu ta'an, barattoonni gara yunivarsiitichaatti dhufan obbolootaani kutaalee garagaraarraa dhufan waliin hariiroo obbolummaa cimsuun dabalata yeroosaanii kaayyoo manaa ba'aniif saniif akka oolchan

dhaamaniiru.

Haaluma walfakkaatuun Pirezidaantiin Yunivarsiitii Barnootaa Kotobee Doktor Biraanamasqal Xannaa yunivarsiitichi barana irra deebiin haala gaariin gurmaa'uu himanii, galteewwan barnootaa hunda qopheessuun barattoota simachuuf qophiirra jiraachuu dubbataniiru.

Barsiisaan tokko daree seenee sa'aatii kennameef qixa sirriin fayyadamuun haalatti barattoota ga'oosurratti sirni to'annoofi hordoffii teknolojiin deggerame diriiruu eeranii, haaluma kanaan barsiisaan tokko daqiiqaa 50 kenname qixa sirriin fayyadamuufi dhiisuusaa ashaaraan kan hordofamu ta'uu hubachiisaniiru.



# Qonnaan Bulootni Harargee Bahaa sababa faddaaltotaatiin gurgurtaa jimaarraa fayyadamaa hinjiran

# Nageenya ammallee ...

## Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Qonnaan bulootni Godina Harargee Bahaa daldalli jimaa waan faddaaltotaan dhuunfatameef omishasaaniirraa bu'aa barbaadamu argachaa akka hinjirre ibsan.



gamtaan omishasaanii itti dhiyeffatan mijeessuu akka qabus gaafataniiru.

Qonnaan bulootni godinichaa ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, faddaalotni jimaarratti bobba'an networkiidhaan walhidhanii gatii omisha jimaa oyiruurraa hanga bitataa dhuunfaatti, gabaa gandaatii hanga gabaa giddugaleessaa darbees gabaa alaatti haala fedhaniin gatii jimaa murteessaa jiru.

Bakka bu'aan Ittigaafatamaa Waajjira Daldala Godinichaa Obbo Ziyaad Kadiroo gamasaaniitiin akka dubbatanitti, osoo mootummaan jijjiiramaa gara aangootti hindhufin dura daldalli jimaa seeras, dambiis qajeelfamas hinqabu ture. Kanarraa kan ka'e omishicharraa fayyadamaa kan ture abbaa qabeenyaa maxxanaadha malee qonnaan bulaa hinturre.

Jiraataa Aanaa Malkaa Bal'oo, Ganda Araddaa Biiftuu Oromiyaa kan ta'an Obbo Siraaj Ahmad akka dubbatanitti, jimaa omishuuf ganna roobaafi qorraan bona ammoo aduudhaan kan rukutamu qonnaan bulaa ta'us omishicharraa caalaatti fayyadamaa kan jiru faddaalaadha.

Keessattuu alergiin jimaa fuuncaansaa garmalee dheeraadha kan jedhan Obbo Ziyaad; Oyiruu qonnaan bulaarraa eegalee hanga alatti ergamutti jimaan fuunca adda addaa keessa darbaa akka tures yaadachiisaniiru.

Qonnaan bulaan aanichaa omishasaa gara gabaawwan guddoo geessee gurgurachuuf geejjiba ittiin gara magaalatti geffatuufi yeroo geffates iddoo tursiisu hinqabu kan jedhan Obbo Siraaj; faddaaltonni rakkina qonnaan bulaa kana akka carraa gaariitti fayyadamuun gatii omisha jimaarratti guutummaatti murteessaa jirus jedhaniiru.

Haa ta'u malee, erga jijjiiramni siyaasaa biyyattiitti dhufee as rakkoo gabaa jimaatiin walqabatu furuuf sadarkaa naannootti dambiin 224/2013fi qajeelfamni 10/2014 bahee hojiitti hiikamaa jiras jedhaniiru.

Jiraataafi qonnaan bulaan gandichaa biraan Obbo Waasil Ibraahim gamasaaniitiin akka dubbatanitti, sababa dhiibbaan faddaalotaa hammaateef omishasaaniirraa galii argachuun maluuf argachaa hinjiran. Mootummaan qonnaan bulootaaf magaalotatti bakka

Dambiifi qajeelfamni kuni abbaa qabeenyummaa jimaa gara qonnaan bulaatti

kan deebisaniidha kan jedhan Obbo Ziyaad; rakkooolee barootaaf sirna daldala jimaa keessa turan kanneen hundeeraraa furuuf hojiileen jalqabaman jiraachuu eeraniiru.

Deeggarsa mootummaa naannootiin godinicha, Magaalaa Awwadaayitti giddugalli gabaa jimaa guddaa qarshii miliyoona 457n ijaarame dhuma ji'a kanaatti ni eebbifama jedhanii; giddugalichi qonnaan bulootni yuuniyeeniifi waldaadhaan gurmaa'uun omishasaanii gara gabaa giddugaleessaafi gabaa alaatti erguuf kan isaan dandeessisu ta'uu eeraniiru. Waajjirichi giddugaloota gabaa aanaalee godinichaa afur keessatti ijaarsises hojii jalqabsiiseera.

Tarkaanfiin gabaa jimaarratti fudhatamaa jiru tarkaanfiin jalqabaati malee isa dhuma miti kan jedhan Obbo Ziyaad; rakkooolee daldala jimaarratti mul'atan furuuf hoggansi sadarkaa sadarkaadhaan jiru gabaa omishichaatiif xiyyeeffannoo kennee akka hojjetu eeraniiru.

Qaamotni jimaa kontirobaandiin erguu baran tarkaanfilee amma fudhatamuu eegalaman kanneen gufachiisuuf burjaajiiwwan garagaraa uumaa jiraachuu ibsanii; qonnaan bulaan bifa gurmaa'een qaamolee kanneenirratti qabsaa'uu akka qabus dhaamaniiru.

Tarkaanfiin Ministeera Daldalaafi Walittihidhamiinsa Naannawaatiin dhaabbilee jimaa alatti ergan bifa haaraan galmeessuufi eeyyama kennuuf fudhatame komii qonnaan buloota kanneenii kan deebisuudhas jedhaniiru.

keessatti wanti nageenyaan gitu tokkollee hinjiru. Dubbiin nageenyaa akka amma teenyee salphaatti ilaallu osoo hintaane, gaafa rakkoo nageenyaaf saaxilamne kan baramu ta'uu mala.

Kanaafis gaaffiiwwan dimokraasii qabnu karaa seera qabeessaafi qindaa'een gaafachuun rakkooowwan mudataniif furmaata barbaaduu caalaa malli salphaan hinjiru.

Guddina saffisaa eegalame kana ittifufsiisuuf, nageenya keenyaaf lammiin biyya kanaa waardiyyummaa dhaabachuu qaba. Yoos milkoofta. Rakkoon kamuus furmaata waarawaa argata. Akka lammiin biyya tokkoottis waantota walitti nubusaniin gargar nubaasan caalaa waantotni walitti nufidaniin walitti nuhidhan hedduun waan jiraniif tokkummaa keenya cimsinee guddinaafi badhaadhina biyyaatiif haatumsinu.

Mootummaan hojiisaa bu'uuraa, nageenya lammiwwanii eegsisuufi mirga nagayaan ba'anii galuu lammiilee biyyattii mirkaneessuurratti yeroo kamuurra dammaqinaan ummata waliin hojjechuu qaba.

Hojiisaa bu'uuraa kana daqiiqaa tokkoofillee dagachuus ta'ee mariif dhiheessuu hinqabu. Dhaabbilee demokraasii bu'uressuufi cimaniifis haala mijeessuun irraa eegama. Kanaaf, tokko tokkoon keenya, mootummaan, miseensotniifi gaggeesitootni dhaabbilee siyaasaa, dhaabbileen mootummaafi mitmootummaa, walumaagalatti qaamoleen hundi waa hundarra nageenya biyyaatiif qindoominaafi cichoominaan waardiyyaa dhaabachuu qabaan dhaamsa kiyya.

*Nageenya ammallee nageenya!*

## የሐራጅ ማስታወቂያ

በፍ/ባለሙሉት ወ/ሮ በቀለች ተፈራ (ወራሾች) እና በፍ/ባለዕዳ ራች ቴርዚያን መካከል ስላለው የፍርድ አፈጻጸም ጉዳይ የፌዴራል የመጀመሪያ ደረጃ ፍ/ቤት በመ/ቁጥር 68974 በ23/7/2001 ዓ.ም እና መ/ቁ 147889 በ16/3/2012 ዓ.ም በ20/4/2012 ዓ.ም እና 01/05/2012 ዓ.ም 8/10/2014 ዓ.ም፣ ግንቦት 22 ቀን 2014 ዓ.ም በቀለው ችሎት በሰጠው ትዕዛዝ መሠረት በሰበታ ከተማ ቀበሌ 02 በቀድሞ አለምገና ወረዳ ሰበታ ከተማ የሚገኝ ራቭትሮፒክ ተብሎ የሚጠራ 3 መጋዘኖች 6 ክፍሎች መኝታ ቤቶች ከመጋዘኑ ጀርባ የሚገኙ 6 ክፍሎች በግ መጥባሻ የዳቦ መጋዘር 1 ክፍል ቤት ያለው በራብ ትሮፒክ መኖሪያ ስም ካ/ቁ ሰ/26381/2002 የተመዘገበ ካርታ ያለው ስፋቱ 6704 ካ/ሜ ቤት የሆነው የሐራጅ ሽያጭ መነሻ ዋጋ ብር 7,113,298.87 (ሰባት ሚሊዮን አንድ መቶ አስራ ሶስት ሺህ ሁለት መቶ ዘጠና ስምንት ከሰማኒያ ሰባት ሳንቲም) ሆኖ የትራንዛክሽን ታክስ ገዥ የሚከፍል መሆኑ ታውቆ ታህሳስ 10 ቀን 2016 ዓ/ም በሐራጅ ይሸጣል። የተጫራቾች ምዝገባ በ8:30 ሰዓት ተጀምሮ የቀረቡ ተጫራቾች ተመዝግበው እንደተጠናቀቀ ወዲያው ጨረታው የሚካሄድ ይሆናል።

የሐራጁ ሽያጭ የሚካሄደው በፌዴራል ፍርድ ቤቶች የፍርድ አፈጻጸም ዳይሬክቶሬት የጨረታ አዳራሽ ውስጥ ሲሆን፣ ንብረቱን ተጫርተው ለመግዛት የሚፈልጉ ተጫራቾች ከጨረታው ቀደም ብሎ ባሉት አራት የሥራ ቀናቶች ውስጥ ባለሙሉቱ ለማስገባት በሚመርጧቸው ሶስት የስራ ቀናት በፌ/ፍ/ቤቶች ፍርድ አፈጻጸም ዳይሬክቶሬት ሐራጅ ክፍል ድረስ ከጠዋቱ በ3:30 ጀምሮ በመገኘትና ባለሙሉቱ በሚያቀርበው ትራንስፖርት ንብረቱን ባለበት ቦታ ድረስ በመወሰድ መጉባት የሚችሉ ሲሆን፣ እያንዳንዱ ተጫራች በሚጫረትበት ወቅት የንብረቱን መነሻ ግምት 1/4ኛውን በንግድ ባንክ በተረጋገጠ CPO ማስያዝ ይኖርበታል። ከ1/4ኛ አስበልጦም ሆነ አሳንሶ C.P.O የሚያመጣ ተጫራች በጨረታው አይካፈልም። በጨረታው አሸናፊ የሆነው ግለሰብ አሸናፊ የሆነበትን ገንዘብ በአጠቃላይ ጨረታውን ከአሸናፊነት ቀን ጀምሮ በፍ/አ/ዳ/ ስም C.P.O አሰርቶ በኢትዮጵያ ንግድ ባንክ ብቻ ሙሉ ገንዘቡን በ15 ቀን ውስጥ ገቢ ማድረግ አለበት፤ የፍ/አ/ዳይሬክቶሬት ንብረቱን በሀጋዊ መንገድ በሀራጅ ስለመሸጡ ለሚመለከተው አካል ማስረጃ ከመጻፍ ባለፈ ስም የማዛወር ግዴታ የሌለበት መሆኑን እንገልጻለን።

**በኢ.ፌ.ዲ.ሪ ጠቅላይ ፍ/ቤት የፌዴራል ፍርድ ቤቶች የፍርድ አፈጻጸም ዳይሬክቶሬት**

## “Dhimmi ulaa galaanaa dhimma ...

Mootummaan Itoophiyaas daandii qilleensa biyyattii dabalatee dhaabbilee bu'aansaani daran olaanaa ta'an dhiyeessuun sirna kennanii fudhachuu ifoomsuunsaa yaada bilchaataa fudhatama qabuufi fayyadamummaa waloo mirkaneessuudha.

walfakkaatuun Eertiraanis ulaa galaanaa dabalatee waan Itoophiyaan hinqabne hedduu akka qabdu dubbataniiru. Addunyaa waltumsuun jiraatamu keessatti waliin misoomuun biyyoota lameen caalaatti misoomaafi obbolummaa kan mirkaneessu ta'uus eeraniiru.

Karaa nagaatiin ulaa galaanaa argachuu seerri idiladdunyaa lafa kaa'a jedhanii; hundaa ol garuu Itoophiyaafi Eertiraan biyyoota waa hedduun walitti hidhamaniifi guddina waloof kaayyeffatan waan ta'aniif gidduseentummaa biyya kamuu malee waliin dubbachuun barbaachisaa ta'uu jala sararaniiru.

Ulaa galaanaa argachuun Itoophiyaa ummata miliyoo 120 ol qabduufi guddina saffisaaf aggaamteef hangam murteessaa ta'uunsaa hawaasa biyyaatiif hubannoo gad fagoo uumuun murteessaa ta'uu himanii; olola miidiyaalee gaffii mirgaa gara waaraatti afarfamaa jirus qolachuun dabalata gaaffii mirgaa kana hawaasa addunyaa irra deddeebiin hubachiisuun hundarraa eegama jedhaniiru.

Itoophiyaan ulaa galaanaa dhabdus waan Eertiraaf barbaachisu hedduu qabdi kan jedhan Ambaasaaddar Diinaan; bifuma

### Beeksisa

Himataan Obboo Haabtamuu Fufaa fi Himatamaan Obboo Addunyaa Lachiisaa Gidduu falmii jiiruuf himatamaan himatamuu isa beekke guyyaaa beellamaa gaafa 12/3/2016 sa'aa 5:00 tti deebii isaa akka dhiyeeffatu yoo kan hin dhiyeeffanne ta'e immoo bakka inni hin jirretti falmiin kan itti fufu ta'uu Manni Murtii Aanaa Jalduu Ajajeera

**Mana Murtii Ol'aanaa G/Sh/Lixaatti Mana Murtii Aanaa Jalduu**

### Beeksisa

Mana maqaa Obbo Buloo Girmaa tiin galmaa'ee kan beekamu Magaalaa Bishooftuu Ganda 01 Lakk. Kaartaa 71/2 ta'e bal'inni isaa 970 M² ta'e galmeen nu jalaa badeera jedhanii waan iyyataniif namni kaartaa kana harkaa qabu yoo jiraate guyyaa beeksisni kun bahe irraa eegalee guyyoota 21 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuutti qaamaan dhiyaatee akka ibsu beeksisaa kun ta'uu baannaan garuu Waajjirri Lafaa Magaalaa Bishooftuu kaartaa haaraa maqaa isaanitiin hojjetee kennuuf kan dirqamu ta'uu ni beeksisa.

**Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuu**